



Bara 31

Lakk. 9

Amajjii 2 bara 2016

Gatiin qar. 15

"Qophii xaa'oo uumamaatiif xiyyeefannoo kenninee hojjechaa jirra"

Pirezidaanti MNO Obbo Shimallis Abdiisaa

Kutaa Qophiitiin

Qophii xaa'oo uumamaaf xiyyeefannoo kennanii hojjetaa jiraachuu Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa ergaa toora miidiyaa hawaasaan dheengadda dabarsaniin ibsaniiru.

Xiyyeefanna kompoostii raammoottii kennameen godinoota hunda, aanoolee 265 keessatti ijaarsa giddugalaa qophii, qarshii miiliyoona 938.7 hojjetamaa akka jiruufi bara dhufu immoo gandoota hunda keessatti kan ijaaramuu ta'us miidiyaa hawaasummaa isaaniin himaniiru.



Bara kanatti kompoostii idilee meetir kuubii miiliyoona 150 qopheessuuf karoorfamee

hanga ammaatti meetir kuubii miiliyoona 119.77 qophaa'uun dubbataniiru.

Akkasumas kompoostii raammoo kuntaala miiliyoona 2.4 qopheessuuf karoorfamee keessaa hanga ammaatti kuntaalli miiliyoona 1.4 qophaa'era jedhan.

Waqtin ammaa qophii kompoostiif galteewwan oolan bal'inaan waan argamaniif qonnaan bultooni Carrichatti fayyadamuun itti fayyadama xaa'oo umamaa guddisuun fayyummaa fi gabbina biyyee akka eegan dhaamanii, hoggansiifi ogeeyyiin gaheesaanii akka bahan hubachiisaniiru.

Fooramiin abbootii qabeenyaa Oromiyaa gaggeeffame

Taammanaa Gammadaatiin

Fooramiin abbootii qabeenyaa Oromiyaa akkaataa hojji investimantii qonaa teeknoolojiin deeggaruu danda'amurratti xiyyeefate Kaleessa Magaalaa Adaamaatti gaggeeffameera.

Fooramicharratti hoogganaa Biirroo Investimentiif Indaastirii Oromiyaa obbo Ahimad Indirisifi hoogganaa Biirroo Qonaa Oromiyaa obbo Geetuu Gammachuu dabalatee dureeyyiin hojji investimantii qonnaarratti hirmaatanifi waajjiraleen investimantii godinaaleefi magaalotaa hirmaataniiiru.

Hoogganaan Biirroo Investimentiif Industirii Oromiyaa Obbo Ahimad *Gara fuula 14tti*

Bu'aa misooma Albuudaarraa argamuu malu toora qabsiisuuf hojji eegalameen jijiiramni mul'ataa jira jedhame

Kutaa Qophiitiin

Bu'aa misooma Albuudaarraa argamuu malu toora qabsiisuuf hojji eegalameen jijiiramni mul'ataa jiraachuu qorannoo raawwii hojji misoomaafi dhiheessii Albuudaa Shaashamanneetti taa'amerratti himameera.

Qorannoo Raawwii Hojji misooma Albuudaa kanarrattis Pirezidaanti Ittaanaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Awwaluu Abdiifi qooda fudhattooni biroon argamaniiru.



Waltajicharrattis Namoota Albuuda warqee karaa seeraan alaatiin baasaa turan Seeratti dhiheessuufi daldala

seeraan alaa hambisuuf jabinaan akka hojjatamu Caamsaa 2015 kallattii kaa'ameen *Gara fuula 14tti*

Waajjirri Qonaa Aanaa Uraagaa Buna toonii kuma 30 gabaa giddugaleessaatti dhiyeessuuf hojjachaa jiraachuu hime

Waajjira Kominikeeshinii Aanichaatiin

Godina Gujiitti Waajjirri Qonaa Aanaa Uraagaa buna qulqullinaafi sadarkaasaa eeggate gabaa

giddugaleessaatiif dhiyeessuuf hojjachaa jira jedhe.

Hoogganaa Waajjira Qonaa Aanaa Uraagaa Obbo Biraanuu Waaree aanichatti bara kana lafa hektaara

kuma 65 irratti bunni misoomaa jiraachuu dubbataniiru.

Hojji misooma buna hojjatamaa jiru kanaanis buna qulqullinaafi sadarkaasaa *Gara fuula 14tti*

Galaanaa Kumarraatiin

Sirni Gadaa nageenyaafi dimookiraasiit mirkaneessuu akkasumas misooma, obbolummafi tokkummaa cimsuu keessatti ga'ee olaanaa waan qabuuf kunuunsuuf beeksisuun dhaloota har'aa barsiisuun murteessaa akka ta'e himame.

Gara fuula 14tti



Harmee!

Ji'a sagal guutuu
Garaatti na baattee
Ofii kee beeloftee
Dursa anaa lattee
Waggaa lamaa oliif
Harma kan kee hodhee
Oolmaa kee hin deebisuu
Yoon maaluu sii godhe
Dhimma kootiif jettee
Hin ilaalleem booda
Haadha koo sin jaallaa
Ati anaaf qoodaa
Ana guddifachuuf
Ofii cabdee dhiigdee
Rabbiin si haa tursu
Dacheerra lubbuu kee
Maal himeen maal dhiisa
Guddaadha oolmaan kee

Malkaamuu Mitikkutiin, Waajjira

Kominikeeshiini Aanaa Cooraa
Magalaa Qumbaabeerraa

Tapha ijoollee Daallee . . .

dhaha. Gosoota beeladootaas ta'e bineensotaa yoo kan hin nyaatamne maqaa dhahe tapha sana dhabeera jechuudha. Fakkeenyaa:

Binoo? Bineensa
Gaafataa maalfaa- Adurree
Maalfaa?- saree
Maalfaa? leenca
Maalfaa? - Qeerransa
Maalfaa?- Bosonuu
Maalfaa?- Kuruphee
Maal nyaatta? -Adurree

Gaafatamaan deebii tapha asii olii hin arganne jechuudha. Sabbnisaa adurreen waan hin nyaatamneef. Haala kanaan gaafataafi gaafatamaan dabaree dabareedhaan taphatu jechuudha.

Wayya Hooyyee tapha ijoollee

Wayya hooyyee tapha ijoollee ijoolloni ayyaana Masqalaa waggaan waggaa dhufu simachuuf kabajanidha. Taphni

Faayidaa cuunfaa Shankoora

Sh ankoori qabeentaa Kaarboohaayidireetii, Kaaloorii, Pirootiinaafi qabeentaa sukkaaraa olaanaa ta'e kan qabudha. Cuunfaan Shankoora fayyaa ilma namaaf faayidaa hedduu qaba. Faayidaawwansaa keessaa muraasni:

- Madda anniisaaf
- Fayyummaa tiruu keenyaaf hedduu gargaara
- Dhibee kaansarii garaagaraa ittisa
- Guba laphee ni qolata
- Fedhii nyaataa ni dabala
- Namoota dhukkuba sukkaaraa qabaniif baayyee filatamaadha, garuu baay'isuu hin qaban
- Fayyummaa kaleef gaariidha
- Dhukkubbii yeroo fincaaniif
- Fayyummaa lafeefi ilkaan keenyaaf hedduu gargaara
- Foolii afaanii badaa ta'e balleessuuf
- Finnisa balleessuuf
- Dhukkuboota sirna hargansuu huban kanneen akka utaalloo, cawwee sombaaf dawaadha.
- Haadha ulfaaf baayyee filatamaadha
- Ulfaatina madaalawaa ta'e akka qabaannuuf kan gargaaru ta'u ragaan Heelzi Laayiniirraa argame ni mul'isa.

Maddi FBC Afan Oromooti

Yirsaw Mazgabuutiin, Waajjira Kominikeeshiini Aanaa Beddelleerra-Godina Bunnoo Beddellee

kun ijoollee qofaan osoo hin taane dargaggootaaniliee kan taphatamudha. Wayya hooyyee sirba gaafa masqalaa sirbamtu ta'ee sirbicharrattis ijoolleen umriinsaanii gartuun wal gurmeessuun gahee hojii adda addaa waliif quodu. Qarshii qabaa ni filatu, Wallee nama fuuldura bu'u, kan sirriitti beekan filatu. Ulee dheerinnisa qomasaanii hin caalle safaranii muranii qopheeffatu. Qophiin dursaa erga taasifamee booda ijoolleen kun gurmusaaniitiin uleesaanii qabatanii gaafa ayyaana masqalaa ganamaan mana namootaarra naanna'anii sirbuun jalqabu. Sirba hayya hooyyee kanas namni fuuldura bu'u yeroo sirba kana jedhu warri kaan immoo "Hoo" jechuun jalaa qabu.

Sirbi hayya hooyyee sirbamtu

Wayya hooyyee
Wayya baaluu
Har'a hin galuu
Asan bulaa

Balbal dura
Afaan ulaa.
Wayya hooyyee
Warri gamasii
Gindii gangalchuu
Warri gamanaa
Birriin nu galchuu
Wayya hooyyee nana
Masqaloo taphanna
Ayyaana waggaa

Ayyaantuutu arga. "Hoo" jechuun waljalaa qabaniif sirbuun galgala erga nyaataniif dhuganii booda qarshii ollaarra deemanii sassaabbatan hiratanii gara qe'ee warrasaaniitti galu jechuudha.

Waajjira Kominikeeshiini Aanaa Daallee Sadii Waajjira
Aadaafi Turiizimii Aanichaa maddeeffachuu qopheessee kan nuuf erge

Walaloowwan Geerarsaa keessaa

Geerarsi Aadaa Oromoo keessatti dhageettii keessoo kan akka aarii, gadda, gammachuu klf itti ibsatandha. Geeraraan kunis akkas jechuun geeraruu jalqabuu danda'a.

Geerar geerar naan jedhu
Geeraarii maal na gorsuu?
Dhiira garaan hin obsuu
Yoon geerare maal qabaa?
Eessa kootu mudaq qabaa?
Ilaali meet yaa abbabbaa
Keessi koos aarii qaba
Abbabbaa Koo gaarii Koo
Ani hin baaneem aariikoo
Cicharraan gadi ilaallaan
Gorroo natti fakkaatee
Hunduu abbaasaa waamnaan
Booree natti fakkaatee
Kaan haadha ofii waamnaan
Leeyyoo natti fakkaatee
Abbabbaa Koo akka dhibbaa
Osso har'a jiraattee
Maqaa kee keessaa dhabnaan
Roorroo natti fakkaatee
Akka kuula wayyaa kee
Harreen diidaa halaakee
Disoon Arba galchitee
Maafan dhiisa maqaakee
Atisoo ilma dhalcritee
Geerar geerar naan jedhu
Geerarii maal na gorsuu?
Dhiira garaan hin obsuu
Harreenis ni halaaktee
Indaaqqoon ni iyiyitee
Simbirroon cuucuu jettee
Weenniinis hin korrisee jedhanii geeraru.

*Abdii Figaaduu, Waajjira
Kominikeeshiini Aanaa Baabboo
Gambeelirraa*

Hubadhu!

Ofittummaan tuffi fida
Tuffiin waldhabdee fida
Waldhabdeen fageenya fida
Fageenyi qofummaa fida
Qofummaan aarii fida
Aariin dhukkuba fida
Dhukkubni du'a fida.

*Baahiruu Gurmuutiin, Waajjira
Kominikeeshiini Aanaa
Najjooraa, Wallagga Lixaa*

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiiin hojjenna!

Kallacha Oromiyaa

Bara 1986 hundeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biirro Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Opheessaa Beeksisa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii : www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Guddinniifi imalli badhaadhinaa jalqabame kan milkaa'u aadaa hojii fooyya'aa dhufe caalatti cimsuuni!!

Guddinniifi imalli badhaadhinaa jalqabame kan milkaa'u aadaa hojii fooyya'aa dhufe caalatti cimsuun barbaachisaadha. Keessattuu aadaa hojii dur qonnaan bulaa keenya biratti barame ganna hojjetanii waqtii Bonaa boqochuu ilaalcha jedhu hambisuuf sochii mootummaa jijiiramaa taasise dhimma laayyootti ilaalamu miti.

Kunis ganna roobaan bona jallisiin fayyadamuun waggaatti lamaafi isaa ol oomishuu ejjennoo fudhatameen bu'aan gaariifi jajjabeessaan argamaa jira.

Tarkaanfiwwan haaraa garaagaraa Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojiirra oolcheen rooba Gannaarrraa kaasee hanga copha bishaanii waqtii Bonaatti misoomaaaf oolchuun injifannoolee gurguddaan galmaa'anii jiru.

Tarkaanfilee haaraa waqtii Bonaa hojiirra ooluun seenaa haaraan ittiin galmaa'e keessaa tokko Inisheetiivii Misooma Qamadiiti. Waqtii Bonaa misoomni baramaa ture kuduraafi muduraalee garaagaraa yoo ta'u oomishni qamadii bifa kanaan dura hin baratamneen bara kana kan jallisiin misoomu kan rooba Gannaatiin misoomu caaluu danda'eera.

Bona kanas qamadii lafa heektaara miliyoona 2.6 irratti misoomsuuf karoorfamee karooraan ol 2.65 milkeessuun danda'amee jira. Kun injifanno guddaa danda'u keenya nuuf mirkaneesse qofa osoo hintaane seenaa misooma Naannoo Oromiyaa waqtii Bonaa gara boqonnaatii kan ceesise injifanno guddaadha.

Kanaanis seenessa waqtii Bonaa yeroo boqonnaatti jedhu seenaa kaleessaa taasifnee imala badhaadhinaa keessatti yeroon hundi yeroo hojii ta'u mirkaneessine. Aadaa hojii keenya fooyyessinaan dacheen Oromiyaa misooma hundaan mijooftuu kan irra facaasan dachaan kan nama gonfachiiftu ta'u kun agarsiiftuu guddaadha.

Ammas taanaan kan beekaa rafe waamichi hin dammaqsuufi malee humni namaa Oromiyaan qabdu misooma Bonaarratti bal'inaan osoo hin hirmaatee raajiin dalagamu guddaa; injifanno galmaa'us dachaadha. Imala badhaadhinaa jalqabame keessatti injifanno galmaa'aa jirurratti hunda hirmaachisuufi hunda fayyadamaa taasisuuf kan rafe dammaqsuun dhimma murteessaadha.

Keessattuu hanga ammaa qonnaan bulaan oomishaafi oomishtummaasaa waqtii Gannaq qofarratti xiyyeffachuu barbaadu haala yeroo amma jiruufi imala biyyi keenya qabattee waliin tarkaanfachuuf waqtii Bonaa kana hojilee qonnaa adda addaarratti bobba'u barbaachisaadha. Keessattu oomisha qamadii Bonaa cinaatti, furdisa loonii, hoolotaa, re'ootaafi lukkuu dablatee kanneen biroo kamirrattu xiyyeffachuu waqtii kamuu yeroo hojii ta'u hubachuun murteessaadha.

Seenaa Hayyuu Argaa Dhageetti Dr. Borbor Buleerra Maal baranna?

Hayyuu argaa dhageetti Dr.Kabajaa Borbor Bulee Dirree haadhasaa Aadde Jiloo Buleefi abbaasaa Obbo Bulee Dirreerra Godina Booranaa Aanaa Dubuluqitti fulbaana 3, 1941dhalatan.

Akkuma ijollee horsiisee bulaa kamiyyuu wayita umriinsaa tika ga'u horii tiksaa guddate. Ijoollummaadhuma isaanitiin nama xiqqaa qalbi qabu kan nama xiqqaa guddaan dinqisiifatamu turan.

Dr. Kabajaa Borbor Bulee umriisaan waggaa 23 yoo gahu gargaaraa konkolaachisa tauudhaa hanga konkolaachisaatti hojjataniiru. Yeroo umriinsaa waggaa 26 tau gara maatiisaatti deebiun tikaan maatiisa targaruun cinaatti argaa dhageetti jaarrolleerra barachuu jalqabe. Yeroo sanatti maanguddoota argaa dhageetti kanneen akka Guyyoo Boruu Galmaa, Adii Diidaafi Areeroo Irbii fa'a jala deemuun waan aadaa argaa dhageetti Booranaa barachaa kan guddate.

Hayyuun kun yeruma sanittuu nama hunda biratti nama baay'ee dinqisiifamuufi jaalatame turan.

Nama xiqqaa akka nama guddaa jiru kan waan dhaga'e hin walaalle turan. Beekumsa argaa dhageetti kanaan baayee kan dinqisiifaman hayyuu ganuma xiqqeenaa jechuun bara 1972 Gumii Gaayoo ta Gadaa Jiloo Aagaa jaarsaa argaa dhageetti jedhanii eebbisuun abbaan Gadaa qumbii tufaniifi beekamtii kennaniifi. Kanaanis dargaggeessa umrii 31 kan sababa beekumsa addatiif beekamtii abbaa Gadaarraa argatan jedhamuun ummata biratti baayee jaalatame.

Kana boodas Gadaa abbaa sadii: Gadaa Boruu Guyyoo, Gadaa Boruu Maadhaafi Gadaa Liiban Jaldeessa yaa'a keessa godaanun abbootii Gadaafi Raabaa Gadaa cufa aadaa Booranaa barsiisaa ture. Gadaa asi aantu lama kan Guyyoo Gobbaafi Kuraa Jaarsoo yaa'a keessa odoo hin godaanin fuluma jirutti argaa dhageetti dhufanii irraa barachaa turan. Hangaa Abbaa Gadaa Kuraa Jaarsootti abbaan Gadaa osoo hayyuu kana bira dhufee waan aadaa hin gaafatiin baallii fuudhe hin jiru.

Hayyuun kun dandeettiif beekumsa qabaniin ummatasaa tajaajiluun oolmaa oolaniin Adoooleessa bara 2008 Yuniversitii Bulee horaarraa Dr. kabajaa argataniiru. Hayyooni garaagaraas dinqisiifannaay hayyuu argaa dhageetti Dr.Borbor Bulee irraa qabaniin maqaat itti moggaasuun isaan waamu.

Profeessar Asmaaroon Laggasaa Insaayikiloopidiyya jedhanii waamu. Profeessar Gufuu Obaa dureessa beekumsaa kan jechasaa Booranni dhaga'u yoo jedhanii, Dr.Bokkuu Xachee immoo madda (kuusaa) beekumsaa kan hin fooqanne(hin dhunne) jedhanii ibsu.

Hayyuun kun umriisaat kana keessatti dhalattooni biyya keessaafi alaa gara namoota 161 ol taan waraqa qorannoosaanii isaan irraa qoratachuun ittiin milkaaniiru. Fkn Dr.Gammachu Magarsaa, Dr. Gammachu Taayyee, Dr. Waasee Birhaanuu, Profeessar Mararaa Guddinaa, General Baacaa Dabalee, Dr. Dajane Gammachu, Dr. Abarraa Daggafaa, obbo Warqinaa Qalbeessaa, obbo Alamaayyoo Atoomsaa Profeessar Gufuu Obaa, Profeessar Abdullaayi Shaanqoo, Dr. Jaarsoo Guyyoo Mookuu, Mohammed Huqqaa, Taarii Abkuula, Profeessar Asmaaroon Laggasaa, Marco Baasii, Damo shield, Pata Ayike, Dr Lokoo, Alista faan hayyoota qorannoosanii hayyuu kanarraa odeeefachuu hojjataniidha.

Hayyuun kun naannoo keessa jiraatutti xiqaafi guddaa waan danda'u hundaan gargaaruun beekama. Hayyuun kun hojii gosaafi biyyaa malee hojii dhuunfaasaa hojjachuuuy guyyaa tokkoofillee yaade hin beeku. Seenaa gabaabduu jaarsa argaa dhageetti Dr. kabajaa Borbor Bulee kanarraa dhalooni barachuu qaba.



Beeksisa

Arsii

Aadde Tigisti Hayilee Magaalaa Asallaa ganda 10 keessatti iddoor mana jireenyaa mirkinaa'eefi qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 1372/170/94 ta'een galmaa'ee naaf kennname waan najalaa badeef kan biraak akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate raga abbaa qabiyyee kan biraak kan kennamuuf ta'uuni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa.

Aadde Safiyyaa Galchuu Bubbaa Magaalaa Dodolaa ganda M/W keessatti lafa tajaajila mana jirenyaa qaban Nagahee lafaa Lakk. isaa 48072 bara 1985 ta'ee galmaa'ee naaf kennname waan na jalaa badeef kan biraak akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate kophii nagahee kan kennamuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dodolaa.

Aadde Boontuu Baatiriitiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Muktaar H/Tusaafi Himatantuun isin jidduu falmii dhirsafii niitummaa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/05/2016 sa'atii 8:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Digaluu Xijoo

Baale

Iyyataan Obbo Kaffalanyi Geetaachoo mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti galmaa'ee kennameef Obbo Takkaaliny Daggifeetti waan gurguratanifi, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Taajuddiin H/Jundii Bakka Bu'aan Obbo Abdmaaliik H/Jundii mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 500M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu irraa hirisanii lafa bali'innisaa 250M² ta'ee Obbo Birhaanuu Tachaleetti waan gurguratanifi, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Suleeyimaan Amiin mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Jamaal Mahaammadiitii waan gurguratanifi, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyattuun Aadde Asteer Nagaasee mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Geetaanee Taaddasaatti waan gurguratanifi, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Awwal Amiin mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 400M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu irraa hirisanii 200M² ta'ee Obbo Moltoot Daawuditti waan gurguratanifi, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Gooro.

Iyyataan Obbo Zalaalam Mashashaa Bakka Bu'aan Abdulnaasir Indirisee mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 960M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu irraa hirisanii 360M² Obbo Idiris Abuubakaritti waan gurguratanifi, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Bahaaruu Birhaanuu mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 500M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu irraa hirisanii 250M² ta'ee Obbo Xigaabuu Zawudeetti waan gurguratanifi, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Mallasaa Shaawul mana Jaarmiyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 137M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Aadde Yeshii Baay'isaatti waan gurguratanifi, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Obbo Kadiir Umar H/Kadiroo mana jirenyaa Aanaa Diinshoo magaalaa Diinshoo ganda 01keessaa 360M² irratti argamu nan gurguradha jedhaniiru kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahe guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin gurgurichi ni hayyamamaaf. Waajjira Lafaa Magaalaa Diinshoo.

Iyyataan Obbo Kadiir Fuuskoo mana jirenyaa Magaalaa Gooro ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Adam Kadiir Fuuskootti waan gurguratanifi, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Gooro.

Iyyataan Obbo Abdulnaasir Idiris B/B Zalaalam Mashashaa mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 960M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamurraa hirisanii lafa bali'inni isaa 200M² ta'ee Obbo Mahaammad Abdulqaadiritti waan gurguratanifi, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Buunoo Bedellee

Obbo Birhaanuu Abdiisaa mana jirenyaa Magaalaa Bedellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa 4460/2008 ta'ee maqaa isaaniitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa 160M² irratti argamu Obbo Alamuu Bokoreetti waan gurguratanifi jijiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhaniii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta'ee jijiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Bedellee.



Aadaa

Oliifan Raggaasaa

Kora Qorannoo Oromoo marsaa 14^{ffaa}

Motummaan Naanno Oromiyaa seenaa, afaan, aadaafi duudhaa akkasumas hambaaleen uumamaafi namtolchee ummata naannichaa ibsan qoratamuun dhalootaa dhalootatti akka darbuuf hojjetaa jira. Hojiin kun karaa saayinsaawaifi qindoomina qabuun hayyootaan qoratamee akka ifa bahuuf Inistiitiyuutiiin Qorannoofi Qo'anno Oromoo akka hundaa'u ta'eera. Inistiitiyuutichi qorannoofi qo'anno Oromoos ergama guddaa Mootummaa Naanno Oromiyaatiin itti kennname; Afaan, seenaa, aadaafi aartii Oromoo bifa saayinsaawaa ta'een akkasumas karaa xiinsammuu Oromoo olkaasuufi madaaluun qorachuu bu'aan qoranno guddina hawaas dinagdeefi ijaarsa biyyaa keessatti gaheesaa akka bahatu taasisuu milkeessuuuf hojjetaa jira.

Inistiitiyuutichi bara 2022tti seenessa Oromoo lafa kaa'uun ummata afaan, seenaa, aadaafi aartiisaatti boonee sammuu bilisa ta'een sirna dimookiraasiifi ijaarsa biyya kanaafi gaanfa Afriikaa keessatti dhiibbaa uumuu danda'u arguu mul'atasaa godhatee hojjiwan gurguddoo hojjeteera; ammas hojjataa jira. Erga hundaa'ee hojii afaan, seenaa, aadaafi aartii ummatichaa qorachuu, barreessuufi beeksisuu hayyoota hirmaachisuun hojjechaa jiruun hanga ammaatti kitaabilee 71 ol barreesee dubbistootaan gahuu ragaan Inistiitiyuuticharraa argame ni mul'isa.

Kana malees, galmoota gurguddoo afur; Qorannoofi, seenaa, aadaafi aartii Oromoo karaa saayinsaawaifi bilchina qabuun geggeessuun seenessa qorqalbi Oromoo olkaasuufi seenaa Oromoo madaaluun danda'u barreessuun bu'aan qorannoorraa roga maraan ummata fayyadamaa taasisuu, ummata afaan, seenaa, aadaafi aartiisaatti boonee sammuu bilisa ta'een sirna dimookiraasiifi ijaarsa biyyaa keessatti dammaqinaan hirmaatu uumuu, ragaa qorannoofi afaanii, seenaa, aadaafi aartii Oromoo karaa saayinsaawaifi ammayyaa'aa ta'een suur-sagaleen qindeessuufi gurmeessuun qorattootaafi dhaloota dhufuuf haala mijataa uumuufi Inistiitiyuutii Qorannoofi Qo'anno Oromoo wiirtuu beekumsaa olaanaa (center of excellence) taasisuu qorannoofi gaggeeffamu dorgomaafi hawwataa taasisuu qabatee hojjetaa jira. Hanga ammattis mata dureewwan adda addaa 62 irratti qorannoofi gaggeeffamu maxxansiifamee jiraachuu ragaan argame ni agarsiisa.

Inistiitiyuutii kun hayyoota dandeettiifi ogummaa garaagarraa qaban hirmaachisuun seenaa dhugaa ummata Oromoo ibsu qorachuu seenessi dogoggora ummatarratti seeneffamaa ture akka sirratuufi seenessa haaraa hunda hammataafi ijaarsa biyyatiif gumaachuun bakka buusuuf hojjetaa jira. Kanuma bu'uura godhachuun Inistiitiyuutichi tibbana magaalaa Adaamaatti kora qorannoofi Oromoo marsaa 14^{ffaa} qopheesseera. Korri kunis dhaadanno "Duudhaa keenya Ijaarsa biyyaaf" jedhuun kan gaggeeffamee yommuu ta'u, abbootiin Gadaa, haadholiin Siinkee, hayyoonni, Aartistooniifi hooggantooni Mootummaa Naanno Oromiyaa sektaroota garaagaraarrraa



babbahan koricharratti argamaniiru.

Sadarkaa Pirezidaantii ittaanaa Mootummaa Naanno Oromiyaatti qindeessaan kilaastara hawaasummaa obbo Abdulhaakiim Muluu koricharratti argamuun ergaa dabarsaniin, Mootummaan Naanno Oromiyaa Afaan, seenaa, aadaafi aartii ummatichaa guddisuuf kutannoofi xiyyeefannoo guddaadhaan hojjechaa jira jedhaniiru. Eenyummafi guddummaa ummata Oromoo ifatti baasuudhaaf qorannoofi qo'anno hayyoota hirmaachise gadi fageenyaan akka geggeeffamuuf mootummaan yeroo kamiyyuu caalaa kutannoofi guddaadhaan hojjatas jedhaniiru.

Aadaa, seenaa, afaanii aartiin Oromoo sirnaan qoratamee seenaa kaleessa dabe qajeelchuun seenaan dhugaa dhalootatti darbuun dhaloonni beekumsa ofi akka dabaluuf mootummaan fulleeffanna kennee hojjachaa jira kan jedhan obbo Abdulhaakiim, egere keenya bareechuuf maalummaa Oromoo gadi fageenyaan qorachuu, barreessuufi dubbachuuun barbaachisa ta'uun ibsaniiru.

Mootummaan Naanno Oromiyaa hojii qorannoofi qo'anno kun itti fufinsaan akka hojjatumu tarsiimoofi leecalloo barbaachisu hunda baasuun kan hojjatuu eeranii, hayyoonni beekumsaafi dandeetti qorannoosaaniin eenyummafi qaroomina sabaa kanaa qorachuu addunyaaf ibsuu akka qabanis dhaamaniiru.

Hoggantuun Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa Aadde Jamiila Simbiruu gamasaaniin, Inistiitiyuutii qorannoofi qo'anno Oromoo hojii seenaaifi eenyummaa Oromoo qorachuu seenessa dogoggora narratti seeneffamaa ture sirreessuun seenaa dhugaa Oromoob biyya kana keessatti qabu barreessuun hojii ummata Oromoo madaaluufi mataa ol qabachiisuu hojjetaa jiras jedhaniiru.

Caba seenaa Oromoo qunname bakkatti deebisuuf hayyoonni, abbootiin Gadaafi haadholiin Siinkee, queerroofi qarreen akkasumas miidiyaaleen xiiqii addaatiin hojjachuu akka qabanis aadde Jamiilaan yaadachiisaniiru.

Kora qorannoofi Oromoo marsaa 14^{ffaa} kanaan qorannoowwan torba; Seenaaifi seenessa biyya kanaa, duudhaa nagaafi araaraa ija falaasama Oromootiin, gahee sirni gadaa ijaarsa biyyaa keessatti qabu, Irreechaafi duudhaaleesaa heera gadaa keessatti, gahee aartii Oromoo biyya kanaa keessatti, dhaloota duudhaa ganamaatti deebisuufi warraaqsaa aadaa Oromoo jedhu hayyootaan qoratamanii dhiyaatanirratti mari'atameera.

Ijaarsa biyya kanaa keessatti gaheen Oromoo olaanaa ta'uun qorannoofi hayyootaan dhiyaate kun ni agarsiisa. Biyya nagaafi tasgabiinshee mirkananuun birmadummaa ofi kabachifattee dhalootaa dhalootatti dabarsuuf dhuudhaalee sirna Gadaa bifa sirriin hubachuufi hubachiisuu afaan qofaan osoo hin taane qabatamaan ijaarsa biyyatiif oolchuun barbaachisaa ta'uus qorannoofi kun ni mul'isa.

Hirmaattonni kora kanaas gaaffifi yaada qorannicha gabbisan dhiyeessaniin sochiin Inistiitiyuutii qorannoofi qo'anno Oromoo seenaa, aadaa, afaanii aartii Oromoo guddisuuf hayyoota hirmaachisuun hojii hojjataa jiru gaarii ta'uun himanii cimee itti fufuu qabas jedhaniiru.

Seenaa dabaa Oromoorratti barreeffameefi seeneffame afaanuma barreeffameen seenaaifi seeneffamni dhugaa Oromoo ibsu hojjetamuuk akka qabu, seenaa dogoggora kana sirreessuuf seenaa dhugaa hayyootaan qoratamee sirna barnootaa keessa galuun dhaloonni barachuu akka qabu, qorannoofi qo'anno yeroo gaggeeffamu abbootii gadaa, haadholii siinqueefi hayyoota gadaa hirmaachisuun akka qabu, qabiyee sirni Gadaa of jalatti qabu qindeessuun google'irra kaa'amuun qabeenya addunyaa taasisuuhojjatumu akka qabu, sagantaan sirna Gadaa ittiin barsiisan miidiyaarratti akka jiraatu, sirni gadaa ijaarsa biyyatiif qooda olaanaa waan qabuuf qorannoofi gadi fageenyaan gaggeeffamuuf sabni biraa sirna gadaa qixa sirriin akka hubatu taasisuufi qorannoofi dhiyaate kun barreeffamee jildeeffamuun hawaasa bira akka dhaqqabu hayyoonni kun akekaniiru.

Daarekteeri olaanaan Inistiitiyuutii qorannoofi qorannoofi Oromoo obbo Dirribaa Tarrafuu, korri kun hayyootaaf dirree qorannoofi mijeessuu kan kaayyeeffateedha jedhaniii, Inistiitiyuutichi erga hundaa'ee hayyoota hirmaachisuun qorannoowwan garaagaraa gaggesseen seenessa dogoggora ummata Oromoorratti seeneffamiaa ture sirreessaa jiraachuu dubbataniiru.

Inistiitiyuutii qorannoofi qo'anno Oromoo hayyoota qindeessaa, haala mijeessuu waltajii qorannoofi uumaaf hayyoonni immoo seenaa qorachuu egeree Oromoo raagu, ni akekkuu jedhaniiru.

Eenyummaa Oromoo beekuuuf dursa heera gadaa sirnaan qoratamii beekuu dirqama kan jedhan obbo Dirribaa, hayyoonni seenaa Oromoo gadi fageenyaan qoratamii dhaloota qajeelchuun duudhaa ganamaatti deebisuufi akka qabanis yaadachiisaniiru.

Gujii

Obbo Taammiraat Mulugeetaa mana jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 250M² irratti argamu dabarsanii Obbo Saafaa Baredaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Wabii Agaazii Narii mana jirenyaa Lakk. isaa Ad/God/384/- ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jirenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Odaa doola keessatti qabeenyyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 5912/2015 ta'e Aadde Burtukaan H/Yesuus Soorsaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyanno isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Harargee

^{9ffaa} Mahaamad Sabuuriitiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Abbaa Alangaa Godina Harargee Lixaa fi Himataamaa isin jidduu falmii yakka maalaammaltummaa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/05/2016 sa'atii 8:30irratti falmiif qophootanii akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/O/G/Harargee Lixaa.

Himataan Abbaa Alangaa Godina Harargee Bahaa fi Himataamaa Ziyaad Ammee fa'aa N-4 jidduu falmii yakka aijaaechaa lubbuu nama jiru ilaachisee Himatamotooni 1^{ffaa} Ziyaad Ammee Muusaa 2^{ffaa} Abdii Mahaamad 3^{ffaa} Muktaar Ammee Aaree 4^{ffaa} Raazaqoo Rashiid mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/05/2016 sa'atii 8:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/O/G/Harargee Bahaa.

Obbo Girmaa Xilaahuuniitiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Hiddaasee Telekoomiifi Himatamoto Maantagaafat Abbabaa fa'aa N-2 jidduu falmii sivili jiru ilaachisee Himatamaan 2ffaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/05/2016 sa'atii 8:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/O/G/H/Bahaa.

Caalbaasii Kira Maashinootaa Ijaarsa Daandiitiif oolan

Godina Harargee Lixaa Aanaa Habrootii Waajjiri Daandii fi Loojistiksi Aanaa Habroo Mashinootaa daandiwwaan badiyyaa kessaati hojatamuuf kan Ooluu dozaraa D8R with ripper harawaa modelaa baraa 2019-2023 tokkoo fi Eskavateraa abbaa sibila(chain Excavator) CAT >320DL tokko ykn kan foyyahee dosan 330/340 fi Giredara(Grader)CAT 140HP tokko firullo(CAT roller single drum) model capacity of tone 18-20 tokko ,showertruck(18000-20000Lt)tokko akkasumaas damptruck types of sino truck(16m3)model 334 baajoodhaan fi Double pickup tokko kireefachuu hojjachisuu waan barbaaduuf Kanaaf Ulaagaalee caalbaasii armaan gadii qaamni guutuu danda'u dorgommii irratti hirmaachuu ni danda'a. Dorgomtootni Hayyama daldalaa kan bara 2016 kan haaronsee fi hayyama kireessaa maashinaa kan tahe. Lakkoofsa kaffalaa Gibiraa (TIN) kan qabuu fikafalta gibiraa kan bara 2015 kan ittin kafalee akkasumaas Xalayaqlqullummaa kaffalaa gibiraa ta'uu isaa qama seera irraa dhiheessuu qaba. Raga galmaa'aa VAT ta'uu isaa ibsu dhiyeessuu kan danda'u. Waajjira Maallaqa fi Dinagdee naannichaatiin qofa tarree dhiyeessitootaa (Supply list) keessatti dorgomtoota galmaa'an qofatu dorgomuu danda'a. Dorgomtootni kabachiisa caalbaasii CPO Qarshii 50,000 (Kuma Shantama) Baankii beekamaa irraa Abbaa piroojaktiif kan barreefame qabsiisuun Poostaa Tekinikaala orijinala keessa galuu qaba. Dorgomaan caalbaasicha mo'ate kabachiisa waliigaltee/performence Bank Guarente/ 10% gatii waliigalaa qabsiisuun qaba. Maashinoota armaan olitti tarreefaman hunda bakka tokkotti dhiyeessuu kan danda'u yoo tahu, qoqqoodanii dorgomuu hin danda'am. 8. Dorgomtootni sanada caalbaasicha waajjira maallaqaa Aanaa Habroo irraa Qarshii hin deebine kaffaluun bitachu ni danda'a. Caalbaasichi guyyaa beeksisni kun Gaazexaa irratti bahe irraa eegalee guyyoota Hojii 15 (Kudha shan)'f qilleensa irra oola. Caalbaasichi guyyaa 15 (kudha shan)'ffaa tti sa'atii 4:00tti cufamuudhaan guyyuma sana sa'atii 4:30 irratti bakka dorgomtootni ykn bakka bu'aan argamanitti, yoo hin argamnees adeemsii caalbaasii kan itti fufu taha fi waajjira Maallaqa Aanaa Habroottti kan banamu ta'a. Guyyan kun guyyaa hojii yoo hin taane, guyyaa hojii kan itti aanutti kan banamu ta'a. **Waajjiri Daandii fi Loojistiksi Aanaa Habroo**

Iuu Abbaa Boor

Aadde Muluu Tizaazuu mana Jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda Qoolloo Kormaa keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4377/03/2016 ta'e Lafa bali'inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2^{ffaa} tajaajila iddo R1 ta'e Obbo Yoosef Mollaatti gurguranneera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk. 721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu.

Aadde Wayinisheet Yirgaa fi Obbo Tashoomee Gabruu mana Jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda Gaaddisa Odaa keessaa qaban maqaa Aadde Wayinisheet Yirgatiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 570/02/2009 ta'e Lafa bali'inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2^{ffaa} tajaajila iddo BA ta'e karaa bakka bu'aan isaanii Obbo Abduljaliil Dariitiin Aadde Wasiilaa Baadiruu Abdallaatti gurguranneera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk. 721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu.

Aadde Warqinesh Shifarrraa mana Jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda Taboo keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4462/03/2016 ta'e Lafa bali'inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2^{ffaa} tajaajila iddo R1 ta'e Obbo Alamuu Kabbadeetti gurguranneera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk. 721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu.

Obbo Huseen Zakkaariyyaa fi Aadde Xuruu Imaamuu mana Jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda Qoolloo kormaa keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4393/03/2016 ta'e Lafa bali'inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2^{ffaa} tajaajila iddo R2 ta'e Aadde Hamziyyaa Siraajitti gurguranneera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk. 721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu.

Obbo Tasfaayee Shibiruu fi Aadde Arfaasee Gamteessaa mana Jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda Qoolloo Kormaa keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 884/03/2010 ta'e Lafa bali'inni isaa 264M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2^{ffaa} tajaajila iddo mana jirenyaa kan ta'e karaa bakka bu'aan isaanii Obbo Nuuree Mahaammadiitiin Aadde Zeetunaa Abdulwaasiqitti gurguranneera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk. 721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu.

Obbo Charinnet Geetaachoo fi Tihuun Geetaachoo mana jirenyaa Magaalaa Hurrumuu ganda 01 Zoonii Deg -baasi ganda 01 keessatti Lafa kaareemetira 160M² irratti argamu Obbo Hayilee Bantiitti gurguranneera jedhaniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Bulchiinsaafii Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Hurrumuu.

Obbo Misikkir Warquu mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu ganda 01 Zoonii Bilbilaa ganda 01 keessatti Lafa kaareemetira 200M² irratti argamu Obbo Bikisii Darajjeetti gurguradheera jedhaniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarrraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Bulchiinsaafii Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Hurrumuu.

Jimmaa

Aadde Rawudaa Abdurahimaan Lakk. Kaartaa Hin sochoonee 6050/2013 tajaajila Mana jirenyaaatiif kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda M/Qocii keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan bira bakka bu'ee akka kennauf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan bira bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Himattuun Aadde Balaayinesh Dassaalenyiifii Himatamtoota 1^{ffa} Obbo Daggifee Saahilee 2^{ffa} Qaalkidaan Tasfaayee 3^{ffa} Abarraa W/ Maariyaam jidduu falmii qabeenyaa jiru ilaachisee Himatamaan 1ffaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/05/2016 sa'atii 5:30irratti akka dhiyaattanii dhimma keessan hordofattan manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Magaalaa Jimmaa.

Injiner Abdalla Mohaammad Seeyfuu Lakk. Kaartaa Hinschoone 4498/97 tajaajila mana Daldalaatiif kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda S/Samarroo keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan bira bakka bu'ee akka kennauf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan bira bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Aadde Birtukaan Boggalaa Lakk. Kaartaa Lafa Duwwaa 2187/2009 tajaajila mana Jirenyaaatiif kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda S/Samarroo keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan bira bakka bu'ee akka kennauf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan bira bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Aadde Zubeedaa Umar Lakk. Kaartaa Hin sochoone Lakk. Kaartaa 901 tajaajila mana Jirenyaaatiif kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda B/Kittoo keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan bira bakka bu'ee akka kennauf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan bira bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Shawaa

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Asiraat G/Tsaadiq fa'aa N-4 fi M/A/Idaa Birqee Hayilee fi Lixxuu Yeneenesh G/Tsaadiq jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaachisee mana jirenyaa Maagalaa Mojoo ganda Qarsaa keessatti maqaa du'aa obbo G/Tsaadiq Dubbaalaatiin galmaa'ee lafa kaaree meetira 161 irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 1460/80 ta'e ka'umsaa caalbaasii qarshii 1,173,250tiin gaafa 04/06/2016 sa'atii 4:00 - 6:00tti caalbaasii ifaan akka gurguramu manni murtii ajajeera. Kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachu barbaaddan ka'umsaa caalbaasii irraa ¼ CPO qabachuudhaan dhiyaattanii dorgomtanii bitachu kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/Lumee.

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Aadde Zamazam Ahimadiifi M/A/Idaa obbo Ifaa Huseen jidduu falmii raawwachiisa jiru ilaachisee mana jirenyaa Riiliisteti Maagalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Boolee Aanaa Dhaddacha Araaraa keessatti maqaa Daawud Sulxaaniitiin galmaa'ee argamu Lakk. Kaartaa isaa 73562/97 ta'eefi bali'inni iddo 10222M² keessaa qabeenyaa kan Murtii Abbaa Mirgaafi kan Murtii Abbaa Idaa kan ta'e Pilootii 16 KM² 530 irratti qubatee jiru ka'uumsaa caalbaasii qarshii 9,807,33.6tiin gaafa 22/05/2016sa'atii 3:30 - 6:00tti caalbaasii ifaa ta'een waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachu barbaaddan ka'umsaa caalbaasii irraa ¼ qarshii dheedhiidhaan qabsiistanii iddo qabeenyi kun argamutti dhiyaattanii dorgomtanii bitachu kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/Adaamaa.

Obbo Kaasaayee Yohaannis Masfin Nagahee Lakk. 1889823 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa bade jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni Nagahee kana argee ykn sababaa adda addaatiin qabadheera jedhu, guyyaa beeksifni kun bahee egalee guyyaa 30 keessatti qaama dhimmi ilaluuf akka deebisu, yoo kun ta'u baate ragaan abbaa qabiyyee biroo baafachu kan danda'an ta'u ni beeksisan. Bulchiinsa Magaalaa shaggaritti Waajjira Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Caalbaasii

R/Himattuun Aadde Maqidas Abbabaa fi R/Himatamaa Abdii Muzaayin fa'aa N-2 jidduu falmii jiru ilaachisee Konkolaataa Lakk. Gabatee isaa 3-45356 OR kan ta'e Gosti Konkolaata Doolfin, Moodelli isaa KLH22L Barri Oomisha isaa 1998 ta'e qabeenyummaan isaa kan R/Himatamaa Obbo Abdii Muzaayiin kan ta'e Qajeelcha Poolisii Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee keessatti argamu tilmaama ka'umsa caalbaasii Qarshii 299,320.252 irraa eegalee dorgomaa gatii olaanaa kennetti caalbaasii ifatiin gaafa 02/06/2016 sa'atii 4:00 - 8:00tti waan gurguramuuf namoonni bitachu barbaaddan iddo, sa'atii fi guyyaa jedhametti dhiyaachuu dorgomtanii bitachu kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Gafrsa Gujee.

Caalbaasii

R/Himattuun Taaddalech Baayeeraa fi R/Himatamtoota 1^{ffa} Baqqalaa Asaffaa 2^{ffa} Ilfinesh Abarraa jidduu falmii jiru ilaachisee mana qoroorro Magaalaa Walisoo Ganda Ejersaa keessatti argamu Lakk. manaa 057 ta'e tilmaama caalbaasii qarshii 710,259tiin gaafa 02/06/2016 sa'atii 4:00 - 6:00tti caalbaasii ifa ta'een waan gurguramuuf namoonni bitachu barbaaddan sa'atii fi guyyaa jedhametti dhiyaachuu dorgomtanii bitachu kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/Walisoo.

Aadde Kabbee Tolaan Lakk. Nagahee 1881310 ta'eefi Lakk. Galmee K-461 ta'een galmaa'ee naaf kenname na jalaa badeera jedhani iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti toftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Taaddasaa Raggaasaa Garasu Nagahee mirriitii iddo manna jirenyaa Lakk. isaa 591306 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef haraka isaamiirraa na jalaa badeera jedhanii qaamaan dhiyaatanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni nagahee kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Sulultaati dhiyaachuu akka beeksiftan, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa hojenne kan kenniuuf ta'u ibsaa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojenne ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Sulultaai.

Obbo Alii Siraaj Lakk. Nagahee 394078 ta'een galmaa'ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti toftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.



Muuxannoo

Masarat Amanaa

Qabeenya Kiliyaa Addunyaa Paarkii Biyyooleessa Gaarreewan Baalee yaadaan daawwadhaa!

Torban darberra kan itti fufe

Hoosiftoota kanneen sirriitti beekamaniifi bifaa buburree ta'an (most notable and easily spotted) paarkicha keessatti argaman keessaa:

1. Niyaalaa Paarkii Biyyooleessa Gaarreen Baalee:

Bineensota bosonaa baay'ee beekamoofi biyya keenya keessatti qofa argaman keessaa tokko kan ta'e Niyaalaa Paarkii Biyyooleessa Gaarreen Baaleeti. Sanyiin Niyaalaa Itoophiyaatti mul'atu kun biyya kanaan alatti kan gara biraan hin jirreefi gasti isaas bosonuu naannawaa baddaa fakkaatuudha. Bocnifi hangaan bineensa 'Greater Kudu' jedhamu waliin walfakkaata. Ta'ullee gaafisaa immoo yoo waliin madaalamu xiqqaadha. Nyaalaan naannoo gaarreen kunneenii (Mountain Nyala) kun biftisaas gara bifaa bunaati (dark brown) dha.

Nyaalaan Gaarreenii kunneen yeroo baay'ee tuuta xiqqaan dhaltuufi ilmooleeshii dabalatee ni mul'atu. Ilmoon kun waggaan guutuu keessa dhalachuu ni danda'u garuu immoo ji'ota Muddee hanga Bitootessaa keessa akka wal horan barreffamoonni tokko tokko ni ibsu. Jiruun isaaniis garee isaanii keessatti walduraa duubaan (hierarchy) jiraatu. Niyaalaa kormaa guddaafi Niyaalaa kormaan ganaa guddataa jirus walqocholuun beekamu Niyaalaa kormaan guddaan gareesaa ni gaggeessaa (shoora gareesaa gaggeessuu kanas ni bahata)

Niyala kormaan kun gaafa umriinsaa dabalaan deemu gara qofummaa filachuutti deema. Qofasaas deema.

2. Jaldeessa Paarkii Biyyooleessa Gaarreen Baalee (bale Monkey)

Paarkii Biyyooleessa Gaarreen Baalee bakka jirenya (dawoo) Jaldeessa Baaleeti. Jaldeessi Baalee kun sanyii bineensota Itoophiyaa keessatti qofa argamaniiti. Jaldeessi Baalee kun bifaaanis yommuu ilaallu mangaagaafi mormi jalli adiifi fuullii immoo gurraacha.



Bara 1902 tti addummaasaan beekame(being discovered).

Akka argannoo dhiyeenya kanaa ibsutti immoo Jaldeessi Baalee kun olka'insa reenji 2,200m hanga 3400m tti faca'anii akka jiraatantu ibsama.

Adda durummaan bakki jirenya Jaldeessa Baalee kun lafa olka'aa qabu naannoo bosonni shimalaa (bamboo forest) itti hedsummatu keessatti. Biqiltuun Shimalaa (bamboo) immoo adda durummaan jechuun %77 nyaata isaaniiti waan ta'eefi. Jaldeessi Baalee yeroo hedduu walitti tuutatanii kan jiraataniidha. Halkan halkan sagalee kan hin dhageessisneefi gara guyyaatti immoo sagalee guddaa dhageessisuun beekamu. Yeroosaanii hedduu bosona yabbuu kana keessatti of dhoksuun dabarsuu. Sababnnisaas hedduu waan sodaataniif.

3. Jeedala Itoophiyaa:

Jeedalli Itoophiyaa bineensota hoosistoota sanyii saree keessatti ramadamtu keessaa ishee tokkoofi kanneen foon sooratan(carnivore) keessatti ramadamtu. Naannoo fiixee gaarreewanii baay'inaan jiraatu. Miila dheeraafi bifaa gara diimaatti siquufi gara eegeesaanii immoo dukkanaa'aa (dark) qabu. Ulfaatninaanis kormaan kiilogiraama 14 hanga 20 ti. Akkasumas dhaltunshii kiilogiraama 11 hanaga kiilo giraama 16


ulfaachuu dandeessi. Sanyii bineensota haphataa dhufan keessaas tokko

Dhabbantaan bineensota hoosistoota sanyii saree akka addunyaatti 70% ta'an Paarkii Biyyooleessa Gaarreen Baalee argamu. Kanaaf Paarkii Biyyooleessa Gaarreen Baalee bakka dawoo lubbu qabeeyyii waan ta'aniif caalaatti tuuristoota ni hawatu.

4. Sanyii hantuuta guddaa (Giant Molerat):

Sanyiin hantuuta guddaa ykn 'giant molerat' kunikoolojii fiixee gaarreewanbii keessa kan jiraataniidha. Hantuutni guddaaan kun Paarkiwwan Gaarreen Biyyooleessa Baalee keessatti qofa argama. Keessattuu Saannatee keessatti kan argamu kanneen hedsumminaan daawwattootaan daawwatamaniidha. Hantuutni kun waqtii roobaa boolla keessatti lolaan waan galuuf ni du'u. Hantuutni kun Iskuweer kiilomeetira tokko keessa hanaga 5000 akka jiraatan ragaan ni ibsa.

Walumaagalatti bakka jirenyaa Gosoota hantuuta gurguddoo (Giant Molerat) kaasee gosoota Jaldeessota, Jeedalafi Niyaalaa dabalatee gosootni bineensotaa hedduuti. Biyyaaafis industirii aara maleessa yommuu ta'u lubbu qabeeyyifimmoo bakka jirenyaaati. Daawwattootaafis bakka soora qalbiiti. Kanaaf daawwattoota biyya keessaafii alaan bakkee filatamu keessaa isa tokkoodha.



Dinagdee

Hizqi'eel Tashoomaa

Hojiirra oolmaa karoora qindaa'aa itti fayyadama lafaa caalmaatti cimsuun faayidaa hawaas-dinagdeef oolchuun murteessadha!

Karoori itti fayyadama lafaa ragaa haala lafaa karaa faayidaa hawaas-diinagdee bu'uura godhateen faayidaan garaagaraa lafarraa argamu malu, naannoorratti miidhaa osoo hin qaqqabsiisin faayidaa dinagdee caalmaa qabu galmeessisuuf kan gargaaruudha.

Biiroo Lafa Oromiyaa bara 2001 irraa eegalee rakkoo hawaasaa hiikuuf sirna bulchinsaafi misooma lafaarratti gaggeeffamu, kamyuu karaa karoora itti fayyadama lafaa giddugaleessa godhateen itti fufinsaan hogganuun, guddina dinagdee naannichaa mirkaneessuuf ergama fudhatee rawwachaa jira.


Qoranno karoora itti fayyadama lafaa gaggeefamee ture hojiirra oolchuufis Naannoo Oromiyaa keessaatti xiyyeffannoon hojjetamaa jira. Qoranno karoora itti fayyadama lafaa /Suluulota gurguddoo/ bu'uura godhachuun akka naannichaatti qoratamee jiru hojirra oolchuuf godinoota sadii keessatti sadarkaa yaalii kan eegale yeroo ammaa godinoota 21fi aanaalee hojii kanaaf filatamaniin sadarkaa gandaatti raawwachuu jalqabameera.

Kaayyoon sagantaa yaalii kanaa inni guddaan karoora itti fayyadama lafaa qindaa'aa akka Oromiyaatti qoratame hojiirra oolchuun ummanni naannichaa midhaan nyaataan ofdanda'ee, dhiibbaa qabeenya uumamaarra gahu hambisuun, guddina itti fufinsa qabu mirkaneessuun madda galii naannoofi biyyaa ol guddisuudha.

Biiroon Lafaa Oromiyaa akkaataa Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiidhaan gurmeessuu, aangoofi hojiisaanii merteessuuf qophaa'e, labsii lakkofsa 242/2014 tiin keewwata 26/1 jalatti tumamee jiruun, qoranno karoora itti fayyadama lafaafi ji'oo ispaashaalii gaggeessuufi hojiirra oolchuu, qophii lafaa hojii misoomaafi baankii lafaa hundeessuu, tajaajila bulchinsa lafaa kennuu, kaadastara lafaa gaggeessuufi mirga abbaa qabiyyummaa/ kaartaa abbaa qabiyyee lafaa/ kennuu giddu galeeffatee hojjetaa jira.

Akkaataa Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiidhaan gurmeessuu, aangoofi hojiisaanii merteessuuf qophaa'e, labsii lakkofsa 242/2014 baheefi keewwata 26/3 jalatti akkaataa tumamee jiruun: toora xiyyeffannoon qophiifi hojiirra oolmaa karoora itti fayyadama lafaa keessaa:

- Qoranno itti fayyadama lafaa gaggeessuufi akka gaggeeffamu taasisuu yoo ta'u; qoranno kunis qama dhimmi ilaallatuun yammuu mirkanaa'u qama itti fayyadamuuf dabarsee kennuu,
- Hojiirra oolmaasaa qama dhimmi ilaallatu waliin to'achuufi deeggarsa kennu.



- Hawaasa lafarratti fayyadamuufi qaamolee dhimmi kun ilaallatuuf hubannoofi leenji kennu,
- Karoora itti fayyadama lafaa ilaachisee qaamoleen adda addaa lafarratti hojii misoomaa gaggeessan abbummaan hojiirra akka oolchanifi galma gahiinsasaaf tumsa taasisuun hojiirra oolmaa karoora itti fayyadama lafaa ilaachisee aangoon kennameefi jira.

Bu'uura aangoo kanaan biiroon kun, karoori itti fayyadama lafaa ragaa haala lafaa karaa faayidaa hawaas-diinagdee bu'uura godhateen faayidaan addaa lafarraa argamu malu, naannoorratti miidhaa osoo hinqaqqabsiisin faayidaa dinagdee ol'aanaatiif akka ooluf hojjetaa jira.

Raawwi hanga ammaati jiruunis:

- ✓ Karoora qindaawaa itti fayyadama lafaa qindoomina ogeessotaafi uummataa gandootaatiin
- ✓ qophaa'eerratti ummataan waliigalamee mana maree bulchinsa gandootaatiin mirkanaa'eera.
- ✓ Dambiin ittiin bulmaata karoora qinda'aa itti fayyadama lafaa ummataan qophaa'eera mana
- ✓ maree bulchinsa gandootaatiin mirkanaa'eera.
- ✓ Karoora qoranno itti fayyadama lafaa mana maree bulchiinsa gandootaatiin mirkanaa'e irratti hundaa'uudhaan karoori misooma guddinaa (Integrated Development Plan) ummataan mirkanaa'eera.
- ✓ Dokimantiin teekinikaa tokkoofi cuunfaan kanaa tokko waliigala dokimantiin lama qophaa'eera.

Biirichi hojiira oolmaa karoora qindaa'aa itti fayyadama lafaa caalmaan cimsuuf woorkshoppii marii Karoora Qindaa'aa Ittifyyadama Lafaa Naannoo Oromiyaarratti xiyyeffate Mudde 30/2016 Finfinnee Hoteela Kaapitaalitti hoggantota Olaanoo Naannoofi Federaalaa, bakka bu'oota yuuniversitii garaa garaa, deggartoota misooma, qooda fudhatootafi dhimmamtoota sadarkaa adda addaa, fula duratti hojii kana milkeessuufi babal'isuu danda'an waliin marii gaggesseera.

Karoora itti fayyadama lafaa karaa hawaasa

hirmachiseen hojiirra oolchuun, faayidaa dhalootaa itti aanuu eegsiisuu karaa giddu galeeffateen hojjetamaa jira, milka'iina hojii kanaafis gahee nama hundaa murteessaa ta'u workshooppii kanarratti himameera.

Kaayyoon mariifi workshooppii kanaas sadarkaa raawwiin hojii karoora qindaa'aa itti fayyadama lafaarra jiru adda baasuu, hojii itti aanuuf haala mijeessuufi qooda fudhattonni gaheesaanii beekanii sirnaan gaheesaanii akka batataniif waamicha dhiyeessuuf waltajjii qophaa'e ta'uun ibsameera.

Hoogganaan Biiroo Lafa Oromiyaa Obbo Guutaa Lachooree, qisaasama lafarratti mul'atu hambisuun lafti dhimma yaadameef qofa hojiirra akka ooluf karoori qindaa'aan itti fayyadama lafaa bocamee hojiirra oolaa jira jedhan. Hanga guyaa kanattis bulchinsa lafaa karaa ammayyaan (Dijitalawwa) ta'en hogganuu, magaaloota 40 fi aanaalee baadiyyaa 160 keessatti galmee kaadastara lafaa gaggeessuufi dabalatee, kenna tajaajila si'ataa gochuuf xiyyeffannoon hojjechaa jiraachuu yaadachisaniru.

Bu'uuri dinagdee biyyaa inni ijoon lafadha kan jedhan Obbo Guutaan, qabeenya murta'aa kanas qisaasama malee karooran hojiira oolchuuf hojjetamaa jira jedhan. Kana gabbisa adeemuuf mariin qaama hunda murteessaa waan ta'eef workshoppiin kun qophaa'uus eraniiru.

Karoora qindaawaa itti fayyadama lafaa hojiirra oolchuuf rakkoon imaaammataa jiraatus, hawaasni hubanno argateen akkaataa aadaafi duudhaasaatiin seera tumatee hojjitti seeneera. Kunis bu'aa argamsiisaa jira jedhan.

Sadarkaa Pirezidaantii Itti aanaatti Qindeessaan Kilaastara Baadiyyaa Obbo Abdurhamaan Abdalla, guddina itti fufinsa qabu mirkaneessuufis ta'e, dhaloota dhufu fayyadamaa taasisuuf lafa karooraan hogganuu dhimma filannoo hinqbneedha jedhan.

Mootummaa Naannoo Oromiyaa lafti akkaataa qoranno karooraatiin misooma barbaachisuuf oolchuuf xiyyeffannoon hojjechaa jira, miidhaaf dhiibbaa lafarratti qaqqabu hambisuuf bakkeewwan karooraan addaan bahanirratti hojiin biqiltuu dhaabuu kununu qabeenya uumamaa hawaasa hirmachisee waggottan darban rawwatamaa ture kan eeramudha jedhan.

Xumurarrattis, bu'aan karoora itti fayyadama lafaa kan dhaloota ammaa qofa osoo hin taane kan dhaloota boruu ta'uufi dhimmi karoora qindaa'aa itti fayyadama lafaa dhimma nama hundaa akkasumas qindoomina gaafatu waan ta'eef milka'ina hojii kanaaf hunduu tumsuu akka qabus waamichi dhiyaateera.

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Obbo Abbabaa Laggasaa Lakk. Nagahee 700735 ta'een galmaa'ee naaf kennname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Naatinaa'eel Siyyum Bulchiinsa Magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa Galaan keessatti Lafa mana jirenyaatiif kennname Nagahee duraa Lakk.isaa 251059 ta'e maqaa Obbo Baldaa Maandoyeetiin galmaa'ee kennnameef orjinaalli isaa na jalaa bade jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluuf akka deebisu,yoo kun ta'uu baate kana duranii akka badeetti lakkaa'ame footoo koppii orjinalaa kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Kaadaasteraa Kutaa Magaalaa Galaan.

Waldaa M/I/Jiinenuus Lakk. Nagahee 0703845 ta'een galmaa'ee naaf kennname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sabbataa

Aadde Caaltuu Margaa Nagahee Lakk.isaa 2280815 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennnameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu'e akka kenniuuf gaafataniiru.kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu'e kan hojenne laannuuf ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee.

Obbo Ibraahim Faariis Nagahee Lakk. isaa 0577535 ta'eefi Kaartaa Lakk.isaa Bur/du/0128/2010 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennnameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu'e akka kenniuuf gaafataniiru.kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu'e kan hojenne laannuuf ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo

Obbo Kaasaahuun Mokonnin Nagahee Lakk. isaa 428909 ta'e maqaa Obbo Gazzahaanyi Lalisaatiin galmaa'ee kennnameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu'e akka kenniuuf gaafataniiru.kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu'e kan hojenne laannuuf ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo

Aadde Luwaan Asammaallaash Lakk. Nagahee 871165ta'eefi Lakk. Galmee L-003 ta'een galmaa'ee naaf kennname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Dassaalenyi Gammachuun Nagahee Lakk. isaa 1921580 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennnameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu'e akka kenniuuf gaafataniiru.kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu'e kan hojenne laannuuf ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Aadde Birhaanee Gabruutiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Kubbaaniyyaa Inshuraansii Afiriikaa (W.A) fi Himatamtooni isin fa'a N-2 jidduu falmii siviili jiru ilaachisee himatantuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/05/2016 sa'atii 8:00irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo dhimmichi bakka isin hin jirretti ilaalamree murtiin kan kennamu ta'uu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Sh/Bahaa.

1^{ffaa} Sulxaan Amaaniitiif

2^{ffaa} Sabboonaa Xahaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Dhaabbata Maayikiroo Faayinaansii Viiziyin Fandii Damee Bishooftuu fi Himatamtoota isin jidduu falmii liqaa qarshii jiru ilaachisee himatamtooni dhimmi keessan beellamarra jiraachuu isaa beektanii guyyaa 10 keessatti deebii dhiyeeffachuu yoo barbaaddan dhiyaattanii hayyamsiisa deebii keessan beellama gaafa 13/05/2016 sa'atii 4:30 duratti himata isinirratti dhiyaate fudhantanii deebii keessan akka kennitan ta'ee, yoo kan hin dhiyaanne ta'e bakka isin hin jirretti ilaalamree murtii kan kennamu ta'uu manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Bishooftuu.

Zawudee Ashaagireetiif

Awulaachoo Habteetiif

Bakka Jirtanitti

Obbo Almaayyoo Boggaalaa fi Himatamtooni isin jidduu falmii qarshii jiru ilaachisee himatamtooni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 03/05/2016 sa'atii 5:00irratti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/A/K/Magaalaa Luugoo.

2^{ffaa} Obbo Jawaaroo Amaaniitiif

3^{ffaa} Obbo Murteessaa Abdootiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Mulugeetaa Kabbadaafi Himatamtooni Insp/Kaasaahuun Shifarraa fa'a N-3 jidduu falmii qabaiyyee jiru ilaachisee himatamtooni 2ffaa fi 3ffaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 07/05/2016 sa'atii 5:30irratti deebii keessan kennitanii akka falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/K/Magaalaa Boolee.

Obbo Darajjee Damiseetiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Galaanaa Beegii fi Himatamaa isin jidduu falmii H/Hawaasaa tilmaama qabeenya qarshii 55,400tin mana murtii kanatti himatamtanii yeroo adda addaa ajaja karaa gandaa ajamataniis waan dhiyaachuu hin dandeenyef beellama gaafa 07/05/2016 sa'atii 3:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Jalduu.

M/A/Mirgaa Qonjiit Geetaahuuniifi M/A/Idootaa Obbo Muhammed Ahimadiifi Aadde Samiiraa Abdoo jidduu falmii raawwii jiru ilaachisee M/A/Idootaa akkaataa murtiin kennameen raawwattanii ykn sababa hin raawwanneef yoo qabattan beellama gaafa 09/05/2016 sa'atii 8:00irratti dhiyaattanii akka ibsitan manni murtii ajajeera.M/M/A/K/Magaalaa Boolee.

Amalawarqi Sharif Nagahee Lakk. isaa 1152151 ta'e maqaa Yitibaarak Simeenehitii galmaa'ee kennnameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu'e akka kenniuuf gaafataniiru.kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu'e kan hojenne laannuuf ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Ayichiluum Hayiluutiif

Bakka Jirtanitti

Iyyattuun Aadde Ilfee Ballaxaa fi mormiin waamamaa isin jidduu falmii siviili waa'ee tilmaama qabeenya jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamtanii waamichi teessoo keessanii ergamus waamicha seeraa kana simachuun dhiyaachuu hin dandeenyef kanaaf beellama gaafa 22/05/2016 sa'atii 3:30irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/W/Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa.

Bilistuu Hinkoosaatiif**Bakka Jirtanitti**

Himataan Mareema Dheeressaa fi Himatantuun isin jidduu falmii dhirsaafii niitummaa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 08/05/2016 sa'atii 8:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Buraayyu.

Obbo Mallasaa Gosmaatiif**Bakka Jirtanitti**

Iyyattuun Aadde Gannat Masfinifi waamamaa isin jidduu falmii dhirsaafii niitummaa jiru ilaachisee galmeen cufamee tare socho'uusaa beektanii beellama gaafa 07/05/2016 sa'atii 8:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

1^{ffaa} Aadde Tsiggeeradaa Taaddalaatiif**2^{ffaa} Aadde Maahidar Girmaatiif****Bakka Jirtanitti**

Himataan Obbo Li'uulsaggad W/ Mikaa'eeliifi Himatamtooni isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 03/05/2016 sa'atii 5:30irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Sululta.

Obbo Tasfaayee Badhaaneetiif**Bakka Jirtanitti**

Himataan Obbo Kiisii Shifarrraa fi Himatamaa isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaachisee Himatamaan kun himata faayya'ee dhiyaterratti deebii dhiyeffachuu yoo kan barbaadan ta'e heeyyamsiisa qabatee akka dhiyatu beellama gaafa 06/05/2016 sa'atii 3:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Shaggar.

Obbo Alamuu Nagaashiitiif**Bakka Jirtanitti**

Himattonni Adaanech Nagaash fa'aa N-2 fi Himatamaa Dirribee Fayyisaa fa'aa N-2 jidduu falmii jiru ilaachisee Himataan kun galmees socho'uu isaa beektanii beellama gaafa 14/05/2016 sa'atii 8:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

M/A/Mirgaa Abarraa Fiqaduu fi R/ Himatamtootaa Ashannaafii Kumaa fi Atsaduu Kumaa jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaachisee akkaataa manni murtii murteesseen raawwatanii beellama gaafa 03/05/2016 sa'atii 6:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Shaggar.

Artisti Tsaggaayee Daandanaatiif**Bakka Jirtanitti**

R/Himtuun Aadde Caalii Geergoofi R/ Himatamaa isin jidduu falmii raawwii jiru ilaachisee R/Himatamaan kun akkaataa murtiin kennameen raawwattanii beellama gaafa 09/05/2016 sa'atii 9:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi'anii akka dandamataniifi oomishitummaansaani akka dabalu gochuun ni danda'ama!

Aadde Almaaz Hordofaatiif**Bakka Jirtanitti**

Himataan Obbo Kaasaayee Taaddasaa fi Himatantuun isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaachisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 09/05/2016 sa'atii 8:00irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, yoo kan hin dhiyaanne ta'e falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'u manni murtii ajajeera.M/M/A/Magaalaa L/Xaafuu L/Daadhi

Obbo Mulugeetaa Maqaaneetiif**Bakka Jirtanitti**

Himataan Obbo Raajiib Abdallaafi Himatamaa isin jidduu falmii T/Qarshii jiru ilaachisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 10/05/2016 sa'atii 4:00irratti deebii keessan barreefamaan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, yoo kan hin dhiyaanne ta'e mirgi deebii kennachuu keessan bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'u manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Furii.

Dhaaltonni Obbo Abbabaa Dassaalenyi qabiyyee abbaa isaanii Aanaa Jiddaa Magaalaa Sarxii ganda 01keessatti argamu murtii addaan qoddachuu dhaaltota keessaa namni obbo Gululaat Abbabaa fi Aadde Baliyyuu Abbabaa jedhaman qabiyyee gahee isaanii ta'etti ragaa abbaa qabeenyummaa maqaa obbo Abbabaa Dassaalenyiitiin hojjachiisanii jijiirraan maqaa gara isaaniitti akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kanaafu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyatu. dhiyaachuu baannaan ragaan abbaa qabiyyummaa itti hojjataamee jijiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Sarxii.

Obbo Addisu Isheetuu waraqaan ragaa iddoor mana jirenyaa kaartaa Lakk. isaa Sul/01/1903/98 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef haraka isaaniirraa na jalaa badeera jedhanii qaamaan dhiyaatanii iyyataniiru. kanaafuu,namni nagahee kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuu akka beeksiftan, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa hojenne kan kenniuuf ta'u ubsaa,beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojenne ta'u ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggariti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sululta.

Obbo Biruuk Asaafwu Lakk. Nagahee 1883643 ta'eefi Lakk. Galmee H-41 ta'een galmaa'ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifchu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggariti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Sulxaan Mahaammad Shiboo Kaartaa Lakk. isaa L/S/00505/20110/A ta'een galmaa'ee naaf kenname mana hoji keenya keessaa wan badeef kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifchu baate, kaartaa kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggariti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Himataan Dinbaru Urgeefi Himatamtoota 1^{ffaa} Araggaa H/Mikaa'eel 2^{ffaa} Wasan H/Mikaa'eel jidduu falmii tilmaama qabeenyaa jiru ilaachisee himatamaan 2ffaan kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 03/05/2016 sa'atii 4:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/G/Jaarsoo

Caalbaasiif

R/Himattuun Aadde Burtukaan Tufaa fi R/Himatamaan Obbo Diinayaas Dhageettii jidduu falmii raawwii jiru ilaachisee Mana jirenyaa qaroorroo Luukii afurtama fi kushiinaa baallee 27 ofirraa qabu Bulchiinsa Magaalaa Sandaafaa Bakkee ganda 01keessatti iddo addaa bataskaan gabri'eelii jedhamutti balina lafaa kaaree meetira 140 irratti argamu caalbaasiidhaan gurguruu waan barbaadameef ka'umsaa caalbaasii qarshii 1,069,534.98 godhachudhaan gaafa 06/06/2016 sa'atii 3:00 hanga sa'atii 6:00tti caalbaasii ifaa ta'een akka gurguramuu mana murtii ajajeera. Kanaafuu namni bitachu barbaaduu iddo qabeenyi kun argamutti dhiyaattanii bitachu kan dandeessan ta'u Mani Murtii ajajeera. M/M/A/Barraak.

Aadde Tsaggaash Suunee Guutaa Lakk. Nagahee 163578 ta'een galmaa'ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifchu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggariti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Xajjiif Bayii Absaatiif**Bakka Jirtanitti**

Iyyataan Obbo Baacaa Daanyefi waamaamtuu isin jidduu waa'ee murtii badiinsaa jiru ilaachisee waamamatuu kun yoo jiraate, bakka jirtuu beellama gaafa 10/05/2016 sa'atii 3:00irratti akka dhiyaattu ubsaa, dhiyaachuu baannaan iyyataaf murtiin badiinsaa kan kennamuuf ta'u ni beeksifna.M/M/A/Ada'aa.



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Haqaqabeessummaa seera daldalaafi heera mootummaa biyya keenyaa

Dhalli namaa oomisha n y a a t a s a a f b a r b a a c h i s u u qopheeffachuu erga jalqabee as qaroomina bara duriirraa jalqabee, hanga bara amma keessa jirru kanaatti adeemsi seera daldala guddina biyyoota tokkoo keessatti shoora olaanaa qaba.

Seerri daldala yeroodhaa gara yerootti guddina agarsiisaa dhufan keessatti haala addunyan keessa jirtu kanarra akka geessu warreen taasisan keessaa adeemsi daldala seeraa dhimmoota gurguddoo warreen taasisan keessaa isaan tokkodha.

Walitti dhufeenyi hawaasa dinagdee namoota naannoo tokko keessa jiraatan gidduutti meeshaa meeshaadhaan jijiiruudhaan kan eegalamedha. Sana booda namoonni garaagaraas galaana qaxxaamuruun, karaa dheeraas deemuudhaan daangaadhaa hanga daangaatti daldaluu jalqabe.

Guddinna tekinoolojiin daldalli mul'ates dhaloonti amma jirus jirenya fooyya'aa akka jiraatuufi hawaasni addunyaa akka namoota ganda tokko keessa jiraataniitti akka walitti dhiyaatan kan taasisaa jirudha. Dur Itoophiyaan Gibxi, Giriik, Peershiyaa, Hindiifi Chaayinaa waliin hojii daldala raawwataa akka turte galmeewwan seenaan ni dubbatu.

Walitti dhufeenyi daldala durii kanarraa kaa'amee yeroo ilaalamu daldalli biyya keenya keessatti guddateera nama hin jechisiisu. Haata'u malee, biyyi keenya bu'aa guddina damee kanarraa argme hanga tokko quoddachuu dandeesseetti. Haaluma kanaan, biyyi keenya bara 1923tti seera hojii Baankiifi liqaa, bara 1933tti labsii dhaabbilee daldalaifi labsii seera kasaaraa baastees turtre.

Akkasumas bara 1952 keessa seerri daldala amma hojiirra jiru erga labsamee booda sadarkaa gadi-aanaa yoo tahes addunyaa waliin daldaluuf biyyi keenyas tattaafachaa turtettti. Tattaaffii bara dheeraan Mootummaan RDF Itoophiya gara aangootti erga dhufee as hojii daldala sirna gabaa bilisaatiin akka geggeeffamu taasifameera.

Mootummaan misooma industirii qonnaan durfamu erga bu'uuressee as tarsiimoon Imaammata misoomaa dhugoomsuuf gargaaran, hojiwwaan walitti dhufeenyi daldala si'oomaafi bu'a qabeessa taasisan hedduun hojjetamanii jiru.

Kaayyoon seera daldalaifi heera mootummaa RDF Itoophiya jedhurratti barreffama ogummaafi yaada dimookiraatawaa baballisuufi qaruun gabbisanii akka meeshaatti itti fayyadamuun ijaarsa sirna nageenya, misoomaafi dimookiraatawaa cimsuun haqa barbaachisaa ta'e hawaasa fayyadamaaf kennuun guutummaa biyyaa keessatti bulchiinsa gaarii diriirsuun sirni haqaa cimaan akka ijaaramee jiraatu taasisuuf qooda olaanaa qaba.

Seera daldala, heera mootummaa, dhaaba daldala dhaabbilee daldala seera waliigaltee Inshuraansii, seera waliigaltee geejjibaa, sanadoota maallaqaa daddarboofi kasaaruu mata-dureewwan kunneen hammatamaniiru.

Dhimmoota hiikkoo seeraafi raawwii isaanii wajjiin wal-qabsiisee dhimmoota ka'u qaban kaasuun keessumaa heera mootummaa RDF Itoophiya booda labsiilee adda addaa bahan irratti ibsa bal'aan kennameera. Mata-dureewwan kanneen irratti gaaffileen mariif dhiyaachuun leenifamtoonis heera mootummaa RDF Itoophiya booda sirni heera mootummaa, tarsiimoo ikaammata misoomaa, nageenyaafi dimookiraasi bu'uura godhachuun labsiilee daldala waliin walitti dhufeenyi qaban sirriitti hubatameera.

Yeroo hojiirra oolchan sirna diinagdee gabaa bilisaa biyyichi hordofaa jirtu bu'uureffachuu si'ooma, fulla'aafi lammileen martinuu sadarkaa sadarkaan haala fayyadamtotaafi galma ga'iinsa tarsiimoo misoomaatiif galtee akka ta'anitti hojiirra oolchuun dirqama ogummaafi lammummaati.

Seera daldalaifi heera mootummaan hojii daldalaifi Labsiilee daldala adda addatiin maal akka fakkaatu, daldalli walitti dhufeenyi warreen jalqabaa addunyan keenya irra jirtu keessaa isa ijoofi daandii meeshaa

isa guddinaati.

Seera daldalaifi heera mootummaa RDF Itoophiya irratti yaadota tokko tokko kaasanii ilaaluun hubannoo waliigalaa argachuuf waan gargaaruuf daldalli maali? kan jedhurraa ka'uun gaariidha. Daldala jechuun hojiin daldala meeshaalee yookaan tajaajilawwan gatiif jedhanii gurguruu, dabarsuufi geeddaruudha.

Yeroo hunda raawwii bituu,gurguruu kan of keessatti qabudha. Bu'aaf jedhamee kan raawwatamuun ta'uufi qabatamummaan bu'aa kan hordofsiisu qabaachuunsaa amaloota isa ibsan keessaa isaan tokkodha.

Dinagdeen kutaan daldala karaa lama raawwatama. Diinagdee industiriifi tajaajila meeshaalee jedhamuun qoodanii ilaaluun kan danda'amuta'ullee, kutaan lamaanuu guddina biyya tokkoof bu'aa isaan qaban guddaadha. Daldala meeshaaleefi tajaajilawwanii kan ilaallu yoo ta'e kutaan dinagdee kana waliin walqabatan kan akka Baankii, geejjiba, inshuraansii, hojii maxxansaafi beeksisa caqasun ni danda'ama.

Seera daldalaifi heera mootummaa biyya keenya yoo ilaalle dhalli namaa jirenya har'aa isa boorii fooyyessuuf akkasumas jirenya gaarii gaggeessuuf walitti dhufeenyi dinagdee qooda guddaa qaba. Kanaaf walitti dhufeenyi kana gara barbaadamtii geessuuf seeraan bituun barbaachisaa waan ta'eef biyya keenyattis bara 1952 seerri daldala bahee hojiirra ooluu kan eegale jaarrea walakaa ol ta'eera.

Heerri mootummaa RDF Itoophiya kwt 43(1) irratti 'Ummatooni Itoophiya walumaagalatti sablammooniifi ummatooni Itoophiya keessa jiraatan mata mataatti haala jirenyasaanii fooyyessuufi guddina walirraa hin cinne argachuuf mirga isaanii eegame, bu'uura godhachuun mootummaan guddina misooma biyyattiif barbaachisoodha kan jedhu seerota hedduu baasuun hojiin daldalaifi investimentiin yeroo kamirayyuu caalaa bal'inaan akka hojjetaman taasisaa jira.

Seerri daldala heera mootummaa *Gara fuula 17tti*

Fooransikii Ashaaraafi Xiinsammuu Shakkamaa

(*Kan darberra kan itti fufe*)

Fudhatamummaa ragaa


Waa'ee fudhatamummaa ragaa yeroo jennu; ragaa sababa adeemsa itti argameen ykn ragaa kamiyyuu caalaa dhimmicha rageessuu kan danda'u ta'uusaati ykn sababoota walfakkaataa kan birootiin seeraan fudhatama akka qaban ykn hin qabnetti ilaalamuu kan danda'an ta'uusaati. Kana jechuun fakkeenyaa jecha amantaa dhiibbaa ykn gowwoomsuudhaan argamu, sababa adeemsi ragaan sun ittiin argame sirrii hin taaneef kan dhorkamuufi fudhatama kan hin qabnedha.

Kan biraa immoo akka seera siiviiliitiin falmii waliigaltee qabeenya hin sochoonerratti godhamuu ragaa namaa mirkaneessuu kan hin danda'amne yoo ta'u, sababni dantaa qaama sadaffaa eeguuf jedhu akka jirutti ta'ee sababni inni biraan immoo ragaan barreffamaa irra caalaa dhimmicha ragaasisuu danda'a kan jedhudha. Kanaaf sababoota adda addatiin ragaan tokko rogummaa qabaatus fudhatamummaansa kufaa ta'u danda'a.

Haaluma kanaan qorataan yeroo ragaasaa funaanuun adeemsi/tooftaan inni ragaa funaanuudhaaf fayyadamu seeraqabeessa ta'uusaa mirkaneeffachuu kan irra jiraatuufi seerota adeemsi qoranna maal ta'u akka qabu kaa'an kan akka seera deemsa falmii yakka Itoophiya keewwata 27,35,50,51 fi heera Moottummaa Federaala Itoophiya keewwata 19 (5) beekuun itti fayyadamuun isaa ragaansaa seera fulduratti akka fudhatamuufi murteessaadha. Ragaa ilaachisee haaldureen biroo Abbaa Alangaatiin ilaalamuu qabu fudhatamummaa ragaati.

Kanas jechuun ragaan poolisiidhaan funaaname hundi bu'uura seeraatiin funanamuufi funaanamu dhabuusaa qulqulleeffachuu qaba. Ragaan dhiyaate seeraan ala kan argame yoo ta'e, carraan ragaan sun mana murtiitti fudhatama itti dhabu bal'aadha. Haala kanaanis ragaan argame himannaa Abbaa Alangaarratti *Gara fuula 17tti*

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Hawaasummaa

Galaanaa Kumarraa

Dhukkuba waa dagachuu ykn irraanfachuufi karaalee ittiin dhukkubicha ofirraa ittisuuf gargaaran

Namooni tokko tokko waa dagachuu ykn irraanfachuun irra deddeebi'ee akka isaan mudatu yammuu dubbatan ni dhagaa'ama. Nuunis nu mudachuu mala. Waa dagachuu kun garuu dhukkuba jennee meeqan keenyatu yaadee beeka laata. Dhaabbanni Fayya Addunyaa(WHO) n garuu, waa dagachuu/dimentian/n dhukkuba akka ta'eefi qajeelfama jalqabaa kan akka itti namoonni dhukkuba waa dagachuu kana ofirraa ittisuun danda'amu baasuusaa ilaachise BBC'n Afaan Oromo fuula miidiyaa hawaasaasaarratti tibbana kan maxxanserraa fuula hawaasummaa keenya torban kanaatiif akkaataa armaan gadiitiin qindeessinee isiniif dhiyeessineerra dubbisa gaarii.

Rakkoon waa dagachuu guutummaa addunyaatti namoota miliyoona 50 kan midhe yommuu ta'u caalaatti dabalaan dhufeera.

Haga ammaa karaa namoonni carraa rakkoo kanaaf saaxilamuu xiqaessuu danda'an malee wal'aansi dhibee kana fayyisuu danda'u hin jiru.

Dullumni rakkoo kanaaf sababa ol-aanaadha. Haa ta'u malee, kun uumama ykn kan yeroo dullooman hin oolledha jechuu miti.

Sanyiin daddarbuunis ga'ee guddaa qabaata, garuu sababonni dhibee kanaa hedduun jijiiramuu ni danda'au. Ogeessonni akka jedhanitti haala jirenyaa jijiiruun carraa dhibee kanaan qabamuu harka sadii keessaa tokkon ni xiqaessa.

Akkuma seensarratti xuqame Dhaabbanni Fayya Addunyaa(WHO)n yeroo jalqabaatiif qajeelfama dhukkuba kana ittiin ofirraa ittisuun danda'amu ifoomseera.

Qajeelfamoonni ba'e kun akka jedhutti:

- **Sochii qaamaa** :- Ga'eessonni warra jaaran dabalatee torbanitti yoo xiqaate daqiqa 150'f sochii qaamaa giddu galeessa ta'e taasisuu qabu. Kun ammoo itti karoorfachuun kan akka bishkiliitti oofuu ykn hojiwwan guyyuu mana keessaa ta'uullee ni mala.
- **Tamboo xuuxuu dhaabuu** :- tamboon sammuufi qaamaaf gadheedha
- **Nyaata sirriitti nyaachuu**:- soorata



fayyaaleessa kan akka nyaata bishaan keessaa argamanifi muduraaleefi fuduraaleen hedduu fayyadu

- **Vaayitaaminoota bifa kininiin kennaman waliin rakkachuu dhiisuu** :- isaan kunneen rakkoo dagachuu hir'isuu danda'u kan jedhu ragaan hin jiru

- **Alkoolii hedduu fayyadamuu dhiisuu** :- hedduu dhuguun baayyee balaa qaba. Qorannoon tokko tokko garuu alkoolii giddu galeessaan fudhachuun rakkoo waa dagachuu ni xiqaessa jedhanis ragaan ga'aan yaada kana deggeru garuu hin jiru

- **Sammuu shaakalsiisuu** :- qorannoon tokko tokko akka furmaataatti kan kaa'u hojiwwan sammuu tokko tokko kan akka tapha jechootaafi taphooti kompiiteraa bu'a qabeessa ta'u malu jedha.

- **Hariiroo gaarii qabaachuu**:- rakkoo waa dagachuu akka dhaabu ykn hir'isuu danda'u wanti mirkaneessu kan hin jirre ta'uullee, hiriyyoota waliin hariiroo hawaasummaa gaarii qabaachuu fayyaa gaarii qabaachuu ni gargaara.

- **Ulfaatina sadarkaa fayyaalessa ta'etti eggachuu** :- kun fayyummaa qabaachuu soorata gaarii soorachuufi sochiiwwan qaamaa ga'aa taasisuu kan jedhu waliin wal sima.

- **Dhiibbaan dhiigaa ol-aanaa jiraachusaa of eggachuu** :- dhibee waa tokko dagachuufi dhibee dhiibbaa dhiigaa ol-aanaa walitti dhufeena qabu.

- Yoo dhukkuba sukkaaraa qabaatan

wal'aanamu- sukaara dhiiga keessa jiru sirriitti to'achuun rakkowwan fayya walxaxoo ta'an akka waa dagachuu xiqaessuuf gargaara.

- **Coomni yoo jiraate hordofuudha** :- kun dhibee kanaaf carraa nama saaxiluu ni qaba, garuu wal'aansi cooma jiru of keessaa baasu dhibee kana hambisuu danda'uun isaa ifa miti.

Biyya UK keessatti qorataan 'Alzaayimarii' kan ta'an Dr.Carl Routledge "qaccee sanyii dhaalle jijiiruun kan hin danda'amne ta'us, qajeelfamota haaraa ba'an kana hordofuun rakkoo kana ofirraa xiqaessuu ni dandeenya" jechuun gaarumma qajelfama kanaa mirkaneesseera.

Sababonni dhukkuba waa dagachuu ykn 'dimentia' kan hir'ifamuu danda'anidha, qajelfamni kun ammoo dhibee kana ittisuuf gorsa gaarii akka ta'edha ogeeyyiin kan himan.

Kana malees, barreeffa Carraa dhhibee kanaaf saaxilamuu xiqaessuudhaaf namni tokko maal gochuu akka qabuufi hin qabnes himeera. Wantoota dhiisuu qaban keessaa tokko tamboo xuuxuufi alkoolii baayyisanii dhuguudha. Soorata fayyaalessa ta'an soorachuunis faayidaa akka qabu ni gorfama. Rakkoo waa dagachuu kana xiqaessuudhaaf sammuu shaakalsiisuu barbaachisaa ta'u ragaan ga'aa ta'e dhibus qorannoowwan tokko tokko faayidaa akka qabanidha Dhaabbanni Fayya Addunyaa/WHO/n kan eere.

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu'uura!



Oduu

Fooramiin abbootii qabeenyaa . . .

Indiris fooramicharratti ergaa dabarsaniin, mootummaan qonnaan bulaafi horsiisee bulaa adda duroota hojji investimenti keessatti hirmaachisuun investimantii qonna naannichaa guddisuu Biirro Qonnaa Oromiyaa waliin hojjachaa jiraachuu dubbataniiru.

Investimenti naannichaa ammayyeesuuf tajaajila biirichaa dijitalessuuf yeroo jalqabaatiif hojji hojjatameen bu'aa gaariin argamuus himaniiru.

Naanno Oromiyaa hanga ammaatti dhaabbilee kaappitaala



birrii biliyoona 700 galmeessan kuma 22 ol simataman keessa kumni 12fi 403 hojitti keessa galaniiru jedhan.

Kanaanis lammilee kuma 700 oliif carraa hojji akka uume ibsaniru.

Biiroon Investimentiifi Industrii

Oromiyaa bara kana carraafi dilbii investmenti naannichi qabu s a k a t t a ' u u n karoora xiiqii q o p h e e s s e e n investaroota kuma 30 simachuuf h o j j e c h a a j i r a a c h u u s Obbo Ahimad

dubbataniiru.

Abbootii qabeenyaa lafa investimentiin fudhatanii tajaajila biroof oolchanifi teknolojii hin fayyadamiin irratti tarkaanfin kan fudhatamu ta'uus himaniiru.

Bu'aa misooma Albuudaarraa . . .

bu'aa dhufe qoratameera.

Oomishaafi dhiheessii albuudaa seeraan alaa hambisuuf hojji eegalameenis Namoota dhiheessii Albuuda warqee [Sookoo] irratti bobba'an 180 keessaan kanneen fooyee qaban 94 yoo ta'an, Maashinooni hayyama hin qabne, 134 Mootummaan dhaalamuun ibsameera.

Namoota 105 irratti tarkaanfin fudhatamuunis himameera. Xumura waltajichaarrattis kallattiin kurmaana ittanuu kaa'ameera.

Sirni Gadaa bulchinsa dimokiraasi, . . .

Kun kan himame sirna walharkaa fuudhinsa Baallii Gadaa Oromoo Gujii Marsaa 75^{ffaa} Gurraandhala 13 Me'ee Bokkotti geggeeffamu ilaachisuun marii paanaalii Biiroon Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa Finfinnee Hoteela 'SKYLIGHT'tti tibbana qopheeserratti.

Maqaan Baallii ykn Gogeessa Gadaa Oromoo Gujii Muudana, Halchiisa, Dhallana, Harmuufaafi Roobalee jedhamuun kan beekamu yoo ta'u, Baalliin ykn Gogeessi Gadaa Gujii kan bara kanaa Bulchinsa Harmuufarraa gara Roobaleetti kan taasifamudha.

Abbaan Gadaa Oromoo Gujii 74ffaa kan ta'an Abbaan Gadaa Jiloo Maandhoon Baallii kana dabarsuuf seerotaafi qophilee barbaachisu taasisaa kan jiraniifi gammachuudhaan kenuuf guyyicha eeggachaa akka jiran ibsa miidiyaaf kennaniin himaniiru.

Jala bultii sirna kanaa ilaachisuun marii paanaalii gaggeeffame kanarratti Abbootiin Gadaa Oromoofi hayyoonni Oromoo akkasumas hooggantoonni mootummaa sadarkaa naannoofi federaalaa kan irratti hirmaatan yoo ta'u, haala Bulchinsa Sirna Gadaa Oromoofi ga'ee sirni kun nageenya, misoomaafi dimookiraasi mirkaneessuu akkasumas dinagdee, hawaasummaafi siyaasa cimsuu keessatti qabu ilaachisuun barreeffamni qoranno dhiyaatee irratti mari'atameera.

Barreeffamni dhiyaatee kunis Ummanni Oromoo ummata baroota dheeraaf duudhaa, aadaa, safuufi safeeffanna gaarii qabu Bulchiinsi Sirni Gadaa Oromoo nageenya, jaalala, tokkummaa, dimookiraasi, haqummaa, kabaja dhala namummaa, obbolummaa lallabuufi cimsuurratti kan bu'uureffate tol fatee ittiin jiraachaa as ga'e ta'uun ibseera.

eeggate toonii kuma 30 gabaa giddugaleessaatiif dhiyeessuuf hojjachaa jiraachuu himanii, kana milkeessuufis hubannoo qonnaan bulootaa cimsaa jiraachuu dubbataniiru.

Qonnaan bultooni aanichaa hojji oomisha bunaan kanarratti bobba'an tokko tokko yaada

Sirni Gadaas duudhaafi safuusaa ganamaa eeggatee akka har'a ga'u taasisuu keessatti Oromoorn Booranaafi Gujii ga'ee adda durummaa kan qabuufi Oromoorn hundi kanarraa barachuu akka qabaatu waltajii marii kanarratti eerameera.

Ta'us, sirna kana akkaataa barbaadamuun beekuufi hubachuu, nageenyaafi misooma naannoofi biyyatiif oolchuun itti fayyadamuu akkasumas dhaloonti har'a duudhaalee Sirna Gadaa keessa maddan sirnaan hubatee akka ittiin jiraatu taasisuurratti hanqinni jiraachuu ibsameera.

Waltajii kana haasaan kan jalqabsiisan Sadarkaa Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Qindeessaan Kilaastara Hawaasummaa Obbo Abdulakiim Muluun bu'urri ilaachaa, beekumsa, qaroominaafi falaasama Oromoo Sirna Gadaasaati jedhan.

Tokkummaas Oromoo eegsisuufi cimsuuf falli eenyummaa Oromoo ganamaa kan ta'e Sirna Gadaatti deebi'uutu ta'uus dubbataniiru. Sirni kun hawaasa biroo kan hinqoodne duudhaa walqixummaa dhala namaarratti kan bu'uure waan ta'eef hariiroo waliin jiraachuu ummatootaa cimsuuf kan gargaaru, duudhaalee obbolummaatti kan amanuufi dagaagsuuf sirna hojjetu ta'uun himaniiru.

Sirna Gadaa keessatti aangoon ilaafi ilaameen mariifi karaa nagaan walharkaa fuudhamuunsaa qaroomina dimokiraasi addunyaan har'a irraa ga'eef bu'uura kan jedhan Obbo Abdulakiim miseensonni Gadaa keessa jiranis waltumsuu, wal utubuufi wal jaallachuun kan waliin deeman malee walcabsuufi maqaa wal balleessuun kan waliin deeman mitis jedhan.

Hoggantuun Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa

Aaddee Jamiilaa Simbirruun gamasaaniin Ummanni Oromoo Sirna Gadaasaatiin dimokirakaasi addunyaaf bu'uura kan kaa'e ta'u dubbatanii, Mootummaa Naannoo Oromoo yeroo ammaa sirni kun itti fufinsaan dhalootatti akka darbuufi dhaloontis duudhaawwaniifisafuu sirnichaa beekee akka guddatuuf manneen baarnootaa sadarkaa 1^{ffaa}-8^{ffaa} keessatti akka akaakkuu barnootaa tokkotti akka kennamu taasisee jira jedhan.

Duudhaalee Sirnicha keessa ba'an kanneen akka Buusaa Gonofaa, Mana Murtii Aadaa, Tajaajila Lammummaafi Gaachana Sirnaa naannichatti tajaajila adda addaaf oola jiraniin hawaasni aadaafi duudhaasaa ganamaatti deebi'uun hojji guddaa hojjetamaa jiraachuu himaniiru.

Sirni wal-harkaa fuudhinsa Baallii Gadaa Oromoo Gujii Marsaa 75^{ffaa} Me'ee Bokkotti geggeeffamus karaa duudhaafi seenaa Sirna Gadaa eegeeniifi qajeeltoo sirnichaatiin Abbootii Gadaatiin kan raawwatu ta'uun ibsanii jiru.

Sirna Walharkaa fuudhinsa Baallii Gadaa Oromoo Gujii Marsaa 75ffaa Gurraandhala 13 bara 2016 geggeeffamu kanarratti Oromoorn marti golee Oromiyaa akkasumas keessaafii alaa irratti hirmaachuu iraa barachuufi muuxannoo fudhachuu akka qabu Abbaan Gadaa Gujii Jiloo Maandhoon waamicha dhiyeessaniiru.

Bakki Sirni kun itti geggeeffamus bakka ulfoo Oromoo, bakka safuufi safeeffanna nagaan, jaalalli, obbolummaafi tokkummaan itti lallabamu waan ta'eef meeshalee aadaa Oromoorn sirna kanaaf barbaachisaniin alatti meeshalee waraanaas ta'e kanneen qara qaban qabtanii argamuun akka hin danda'amne Abbaan Gadaa Gujii Jiloo Maandhoon ibsa kennaniin dhaamanii jiru.

Waajjirri Qonnaa Aanaa . . .

kennaniin deeggarsa ogeeyyii qonnaarrraa argataniin buna qulqullinasaa eeggate gabaaf dhiyeessaa jiraachuu himan.

Ta'us garuu dadhabbiinsaifi bu'aa argatan kan wal madaalan waan hin taaneef mootummaan fala akka barbaaduuf gaafataniiru.



Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yerooodhaan sirriitti dhiqadhaa!



Bohaartii

Ibsaa Xurunaa

Mana amantaa mallattoo nagaafi wal ta'iinsaa hordoftoota amantii hundaaf ijaarame

Manni amantaa kun erga ijaaramee waggaa 100 ol ta'eera - bara Waraana Addunyaa tokkoffaa ijaarame.

Caamsaa 1915'tti Xaaliyaaniin Empaayera Ostiroo-Hangarii irratti lola labsuun Waraana Addunyaa tokkoffaa (WWI) keessa seente.

Gaarren wal-xaxoo Awurooppaa kan amma Isloovaniyaa jedhamtutti lola guddaatu gaggeeffame. Gaarreen bu'aa bahii hamaa qabuufi lafa lolaaf mijataa akkasumas rakkisaa ta'eedha.

Lola cimaafi dheeraa gaarreen kanarratti gaggeeffameen loltooni Ostiriyaafi Hangarii heddu gatii kaffalan.

Gaarreen Isloovaaniyaarratti kan argamu adda waraanaa Isoonzoo jedhamtutti loltooni miliyeena 1.5 du'aniiru ykn achi buuteensaanii dhabameera, ykn summeeffamaniiru, akkasumas booji'amaniiru.

Maarree, jaallansaanii bira du'an yaadachuuf loltooni lubbuun hafan waan ittiin isaan yaadannu tokko ijaaruufi qabna yaadni jedhu ka'e.

Kanaaf ammoo Mana Amantaa 'Memorial Church of the Holy Spirit' jedhamu ijaaran.

Ijaarsa isaa kan adda godhummoo loltootumatu ijaare. Keessafi alaan miidhagina adda kan qabu yoo ta'u hanga har'aa mallattoo nagaafi wal-ta'iinsaa ta'ee ilaalamu.

Rood Kuudar mana amantaa kana namoota daawwachiisuun beekama. "Ijaarsi akka mana amantaa keenyaa duudhaalee Awurooppaa bakka tokkotti qabate hin jiru," jedha.

Loltooni kun mana amantaa kana

ijaaruusaaniin namoonni aadaa, afaanifi amantaa garaa garaa qaban waliin jiraachuu akka danda'an mirkaneessaniiru jedha Rood.

Waraana Addunyaa tokkoffaaratti Empaayera Ostiro-Hangarii bakka bu'anii kanneen lolan saba, amantaafi aadaa garaa garaa keessaa kan dhufan turan.

Waraana kanarratti gama lamaaninuu hanqina meeshaa waraanaa, qorra gaarren Islovaakiyaa dandamachuu dadhabuun kan dhumanis danuudha.

Loltooni gama lamaanii heddu garuu halellaa meeshaa waraanaa jabaa gama lachuu dhuka'uun akka dhuman hima Rood.

Dhuma bara 1915'tti loltooni Ostiriyaafi Hangarii Birgeedii Gaara 3ffaa (3rd Mountain Brigade) jedhaman loltoota isaan biraa kufan kan ittiin yaadatan siidan wayii akka dhaabatuuf yaada akka dhiyeessan himti hayyu Seenaa kan taate Ramjana Fortunaat Cernilogar.

Yaadi loltooni dhiyeessan kun jeneraalotaan fudhatama erga argateen booda, loltooni ijaarsa kanaaf kan oolu maallaqa walitti funaanuu eegalan.

Yaadannoo loltoota du'aniif maaltu haa ijaaramu kan jedhu filannoo garaa garaatu dhiyaate.

Kanneen keessaa ogummaa bobbocaa kan qabu Veenaa irraa adda waraanaa daawwachuuf kan dhufe namni Remigiyes Geeylin jedhamu kan dhiyeessetu fudhatama argate - mana amantaa loltooni amantii garaa garaa hordofan itti waaqeffatan ijaaruu kan jedhu.

Loltoonis yeroo boqonnaa isaanitti dizaayinii Remiigiyes kenneen mana amantaa kana mukarraa ijaaran.

"Walakkeessa bara 1916tti loltooni kanneen du'an maqaasaanii walitti qabuun muka irratti gubuun maqaa loltoota du'anii barreessan.

"Amma maqaa loltoota du'anii 2, 565 tu as jira," jechuun manni amantaa kuni hordoftoota amantaa garaa garaaf tajaajilaa akka ture hima Rood Kuudar.

Bakki ijaarsa mana amanticha loltooni diinaa arguu bakka hin dandeenyetti bakka adda waraanaa irraa fagaatee ijaaramuu himti hayyu Seenaa kan taate Ramjaanan.

"Loltooni Ostiroo-Hangaarii yeroo gara aadaa, amantaafi afaan garaa garaa qabu. Manni amantaa kun isaan hunda akka tajaajiluuf ijaarame.

"Loltoota sana keessa Kaatolikii Roomaa, Kaatolikii Giriikii, Ortodoksii, Musliimota Boosniyaa irraa dhufan, Yihudotafi Pirotestaantota fi kanneen amantii hin qabne [Athiests] turan," jedha Rood.

Loltooni kun yeroo gara gaaratti ol-bahaniilolatti osoo hin seenin dura mana amantaa kana seenuun akkaataa amantaa isaanitti kadhannaagaggeessanii, 'lubbuu koo yaa Waq sitti kenne' jedhanii deemu turan.

Yeroo ammaa manni amantaa kun akka mallattoo nageenyaafi araaratti ilaalamuun bakkeewwan daawwataman keessaa tokkoodha.

Gubbaa isaatti afaan Laatinii "Pax" jedhamee barraa'ee jira. Kana jechuun "nagaa" jechuudha jedha gabaasni BBC.

Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!

Iyyataan Biirroo Abbaa Alanagaa Waliigalaa Oromiyaafi waamamatoonni 1^{ffaa} Addisuu Angelaasaa 2^{ffaa} Taaddalaa Angelaasaa 3^{ffaa} Warquu Caalaa 4^{ffaa} Abbush Xiqqoo 5^{ffaa} Gammachuu Garasuu 6^{ffaa} Dastaa Waaqoo 7^{ffaa} Miliyoon Tolasaa 8^{ffaa} Ijjigaayyoo Kitilaa 9^{ffaa} Katamaa Gutuu 10^{ffaa} Gannet Taaddasaa 11^{ffaa} Alamganaa Kaasaahuun 12^{ffaa} Iyyarusaaleem Geetahuun 13^{ffaa} Kaasaahuun Kumsaa fi jidduu lixoonni 1^{ffaa} Immabeet Mokonnin 2^{ffaa} Kumsaa Shuumaa jidduu yakka maalaammaltummaa jiru ilaachisee waamamaa jiddu lixa 2ffaan mana murtii kanatti barbaadamuu keessan beektanii beellama gaafa 08/05/2016 sa'atii 5:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Shaggar.

Aadde Innashuu Hayileetiif

Bakka Jirtanitti

Iyyataan Obbo Fireezar Safayoo fi waamaamtuu isin jidduu falmii dhirsafii niitummaa jiru ilaachisee waamamatuuun kun mana murtii kanatti himatamuushii beektee beellama gaafa 10/05/2016 sa'atii 3:00irratti deebiishii qabattee akka dhiyyathee falmattu manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Dambalaa.

Wallagga

Niiti Du'aa Obbo Balaachoo Taasisaa G/Gyoorgis kan ta'an Aadde Kabbabuush Dastaa fi dhaaltota sadarkaa duraa du'aa abbaa isaanii kan ta'an Adaanuu, Ashabbir, Obsee, Gammachuufi Haannaa Balaachoo kan jedhaman mana Jireenyaa Magaalaa D/Dolloo ganda Yabaloo keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa --- ta'e lafa bal'inni isaa 100M² ta'e irratti maqaa Aadde Jaafaroo Xiixaatiin gibiri itti gabaramaa jiru abbaan keenya obbo Balaachoo Taasisaa G/Gyoorgis dhaaltuu Aadde Jaafaroo Xiixaa ta'uusisaaniifi otoo lubbuun jiran mana jirenyaa kana kennuufi isaanii mirkaneeffachuun osoo gara maqaa isaaniitti hin jijiiriin waan du'aniif gara maqaa keenyaatti nuuf haa jijiramu jedhanii gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.

Aadde Almnash Barkii Tuushee kan jedhaman mana Jirenyaa Magaalaa D/Dolloo ganda Yabaloo keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 15918/W/L/15 ta'e bali'inni lafa isaa kaaree meetira 680M² irratti maqaa isaaniitti galmaa'ee beekamu qoqqoodanii mana jirenyaa bali'inni lafa isaa 205M² ta'e Obbo Guutamaa Ittaanaa Sibiiluu fi mana jirenyaa bali'inni isaa 200M² ta'emmo Obbo Yaalahuu Dheeressaatti waan gurgurataniiif maqaa akka jijiirimuuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.

Ibsaa Tamsgeeniitiif

Bakka Jirtanitti

Himatoottonni 1^{ffaa} Daafisaa Laggasaa 2^{ffaa} Yaadanii Laggasaa fi Himatamaa isin jidduu falmii tilmaama qarshii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 03/05/2016 sa'atii 4:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Magaalaa Naqamtee.

Aadde Shuumee Abdiisaa abaan warraakoo Obbo Maarqoos Taganyee waan du'aniif mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Q/Kaarrraa ganda 01 keessaa maqaan isaaniitiin galmaa'ee argamu mana Lakk. isaa P-0112 kan ta'eef Lakk. Kaartaa P-0196 kan ta'e gara maqaakootti naaf haa jijiirimuu jedhanii iyyataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Kan hin dhiyaanne yoo ta'e jijiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uusisaaniifi. Waajjira Lafaa Magaalaa Q/Kaarrraa.

Aadde Aliimaa Muusxafaa Sayid mana Jirenyaa Magaalaa D/Dolloo ganda Yabaloo keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 11640/WBIFLM/2012ta'e bali'inni lafa isaa kaaree meetira 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Dhugumaa Yadatalatiin Obbo Dhugumaa Yadatalatiin waan gurgurataniiif maqaa akka jijiirimuuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.

Bakka Bu'aa Obbo Charuu Tajii kan ta'an Aadde Maarag Gudduu kan jedhaman mana Jirenyaa Magaalaa Begii ganda 01 keessatti maqaa Obbo Charuu Tajiitiin galmaa'ee argamu Lakk. Kaartaa isaa 219/WMMLM Begii/2009 ta'e bali'inni lafa isaa kaaree meetira 286.25M² irratti argamu dabarsanii Obbo Iddiluu Birruutti waan gurgurataniiif maqaa akka jijiirimuuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii.

Obbo Tamasgeen Hayiluutiif

Bakka Jiranitti

Himataan Baankii Siinqee Damee Naqamtee fi Himatamaan isin gidduu falmii Maallaqaa Liiqii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 10/05/2016 sa'atii 4:00irratti akka dhiyaattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo tahe bakka isin hin jirreetti kan ilaalamu ta'uusisaaniifi. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.

Obbo Caalaa Taammanaatiif

Bakka Jirtanitti

Himattuu Ayyaantuu Tasfaa fi Himatamaa isin jidduu falmii maatii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 10/05/2016 sa'atii 8:00irratti deebi keessan barreffamaan qabattanii akka dhiyaattan ta'ee, dhiyaachuu baannaan bakka isin hin jirreetti falmiin kan itti fufu ta'uusisaaniifi. Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee.

Aadde Shuumee Baqqalaa Dhaabaa fi Obbo Immiruu Raggaasaa Aagaa mana jirenyaa Magaalaa Gimbi ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaa 02/8844/2015 ta'e bali'ina lafaa 400M² irratti argamu dabarsanii Obbo Darajjee Shifarrraa Gammachuutti waan gurgurataniiif maqaa akka jijiirimuuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbi.

Obbo Minaasee Fiqaduu Birruu mana jirenyaa Magaalaa Najjoo ganda 04 keessaa qaban Lakk. mana haaraa --- ta'e lakk. Mana durii 04-048 fi Lakk. Kaartaa 499/2005 kan ta'e Obbo Dabalii Gaaromaa Disaasaa bakka bu'ummaadhaan Obbo Guddataa Caalaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Semahinyi Taammiruu B/B Taammiruu Dheeressaa mana jirenyaa Magaalaa Mandii ganda 04 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa M/J 996/16 kan ta'e bali'inni lafaa isaa kaaree meetira 288M² irratti argamu Aadde Miliyoon Taammirutiif kennuu waan barbaadaniif qaamni sadaffaan qabeenyicharraa mormii qaba jedhee mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 25/04/2016 – 05/05/2016 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii.

Sirreessaa

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Bara 31 Lakk. 6ffaa Mudde 11 maxxanfamee baherratti Beeksisa Abaraasha Tafarii baasifatan keessaati Abarraash Afarii jedhamee kan bahee doggoggoraan waan ta'eef Abarraash Tafarii jedhamee sirreeffamee haa dubbifamu.

Obbo Taaddalaa Badhaasaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Kubbaaniyaa Inshuuraansii Nayiliifi Himatamaa isin jidduu falmii Beenya Qabeenyaa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 10/05/2016 sa'atii 5:00irratti deebi keessan qabattanii akka dhiyaattan ta'ee, dhiyaachuu baannaan bakka isin hin jirreetti falmiin kan itti fufu ta'uusisaaniifi. Waajjira Lafaa Magaalaa Bahaa.

Haqaqabeessummaa seera daldalaafi . . .

RDF Itoophiyaa utuu hin bahiin duraafi addunyaanis sadarkaa giloobaalayizeeshinii amma irra geese irra utuu hin ga'iin dura kan bahe waan ta'eef hanqinaalee tokko tokkos qaba. Ija heera mootummaatiin yeroo ilaalamu ammoo heerri mootummaa kwt 51(2), 51(9), 55(c) fi 77(6), 91(3) fi 89(1) irratti dirqamaa mootummaafi biyyoota tumaan seeraa daldalaah bahanii seeraa daldalaah kwt 86-114 irratti aguuggii seeraa argatee ittiin hujjetamaa tureera.

Itti dabalees sirna heerichaa wajjiin labsiilee wal-siman kan akka labsii lak 67/89 akka bahan ta'anii jiru. Gama biraan, yeroo yerootti labsii lak 171/91, 328/95, 87/95, 95/96 fi 376/96 bahaniiru. labsiilee kanas hojii irra oolchuuf kan gargaaran dambii lak 13/89fi kan biroo baasuun diinagdeen kutaa daldalaah bifa toora qabuun akka gaggeeffamuufi biyyattiiniis damee kanarraa fayyadamaa akka taatu gochuu irratti xiyyeffatamaa jira.

Kanattidabalees, biyyakeenyakeessa kan jiru sirni dorgommii dinagdee gabaa bilisaatiin geggeeffamu duraan tumaalee seeraa daldalaah kwt 30-134 aguuggii seeraa argatee ittiin hujjetamaa kan ture yoo ta'u, dorgommiin haqa-dhabeessi seeraa diddiriiraafi sirna heera mootummaa wajjiin adeemuufi sadarkaa guddina biyyaafi ardii bifa hubannoo keessa galcheen akka bulu ta'eera.

Kaayyoon seerichaas dinagdee si'oomina qabuufi nageenya hawaasaa mirkaneessuuf akkasumas daldaloota giddutti gochawwan farra dorgommii ta'an to'achuun dorgommiif haala mijataa ta'e ijaaruuf labsiin lak 329/ 95 bahee sirni bittaa-gurgurtaa seeraan akka bitamuu gochuurratti argama.

Akkasumas, seeraa daldalaah kwt 127(d), 148 fi 149 irratti aguuggiin muraasni kennameefi kan ture mirgootni kalaqaa waraabbiifi dhaaba daldalaah amma biyyi keenya sadarkaa guddina irra geeseefi mirgootiin kanneen faayidaa isaan lammileef qaban guddaa ta'uusaa hubachuun, kalaqa, kalaqa giddugaleessafi giraafiksii industirii seeraa to'atu labsii lak 123/87 baasuun mirgoota kanneeniif aguuggii seeraa bal'aan kennuun lammileen fayyadamoo akka ta'an godhameera.

Barreefama Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaafi Qoranno Seeraa Oromiyaatiin hiikamerraaf fudhatame

Fooransikii Ashaaraafi . . .

miidhaa dhaqqabsiisuu danda'a.

Amanamummaa ragaa (Reliability of the Evidence)

Qorataan ragaawwan funaane amanamummaa kan qaban ta'usaanii mirkaneeffachuu dirqamasaati. Ragaan tokko walitti hidhaminsa waan qabuuf ykn fudhatamummaa seera fuulduratti waan qabuuf qofa amanamaadha jechuun kan danda'amu miti. Kana jechuun ragaan tokko madaallii rogummaafi fudhatamummaa ragaa ittiin madaalamuun madaalamee darbee amanamummaansa shakkisiisa ta'u danda'a. Fakkeenyaaaf ragaaleen dhiyaatan wanta isaan ibsan yakki tokko raawwatamuusaa sirriiti kan ka'an ta'ee dabalaanis akkaatum seeri hayyamuun jechisaanii fudhatamee, garuu ragoolee dhiyaatan hundinuu fira midhamaa yeroo ta'an ykn jechasaanii keessatti jecha walfallessu dibus sababoota adda addatiin jechasaanii fudhachuudhaafyeroottirakkisukan jirudha. Fakkeenyaaaf, jichi jaarsota umriidhaan dulluma keessa jiran namoota sadiirraa fudhatamee haala walfakkaataa ta'een shakkamaan miidhamaa dukkana keessatti waan qara qabuun yeroo waraan arginee jirra jecha jedhu kennanii jiru. jichi isaan kennan yakka raawwatame wajjiin rogummaa (walitti hidhaminsa) qabaatus jichi isaan kennaan shakkii keessatti kufuu danda'a. Kanaaf, ragaan tokko seera fulduratti rogummaa qabaatus amansiisaa haalli itti ta'u hin dandeeneye jiraachuu danda'a. Fakkeenyaaaf, jaarsoliin gubaatti caqafaman kunniin dukkana keessatti dhimmoota ilaalan addaan baafachuudhaaf hanga isaan ija isaniitiin (umriidhaan wal qabatee) arguu danda'an yemmuu ilaalamu amansiisummaan jechasaanii shakkisiisa ta'u danda'a jechuudha. Akka waliigalaatti ragaan nama, ragaan barreefamaa, ragaan qabatamaan adda addaa seeraqabeessa ta'uufi fudhatamummaa argachuudhaaf rogummaansaa, faayidummaan (materiality) isaafi gahumi (competency) isaa dhimma falmiirra jiru sana mirkaneessuudhaaf qabu karaa seera qabeessa ta'een kan funaaname ta'u danda'u qaba. Yoo kana ta'u baate ragaan dhiyaatu mormii jalqabaa mana murtiirratti taasifamuun seeraan ala argamuunsa yoo barame raga ta'ee dhiyaachuu akka hin dandeeneye hubatamuu qaba.

Ulfaatina ragaa (Weight of Evidence)

Abbaan Alangaa yeroo tokko rogummaafi fudhatamummaa raga erga mirkaneessee booda

itti aansuudhaan ulfaatina ragaa qorachuu qaba. Madaallii kana erga taasisi booda himata mana murtiitti banee dhiyeessuun murtii adabbii kennisiisuu danda'uusaa yoo amane himannaasaa banuu qaba. Abbaan Alangaa istandardii madaallii ragaa mana murtii hojiirra oolchuu qaba. Sababiinsaas istandardii himanni ittiin dhiyaatuufi murtiin mana murtiitti itti kennamu seera Itoophiyaa keessatti ittiin hujjetamu kan walfakkaatu waan ta'eefidha. Sana booda, Abbaan Alangaa himannaasaa banuudhaaf istandardii murtii kenuuf dandeessisurratti hundaa'ee himatasaa dhiyeessuu danda'u qaba. Fakkeenyaaaf manni murtii yakkamaa adabuudhaaf istandardii "beyond reasonable doubt" jedhu irratti kan hundaa'u yoo ta'e Abbaan Alangaattis himatasaa istandardii ragaa kanarratti hundaa'uun dhiyeeffachuu qaba jedhuudha. Ragaan Abbaan Alangaa dhiyeeffatu cimina kan hin qabneefi mana murtii gahee murtii adabbii kennisiisuu kan hin dandeeneye ta'uusaa yoo amane himatasaa banee mana murtiitti dhiyeessurraa himaticha bu'uura s/s/d/f/y-kew 42/1/Atiin yoo cufe filatamaa ta'a.

Walumaagalaan, Abbaan Alangaa bu'aa waliigalaan kanarrraa gahuu kan danda'u bu'urrisaa cimaa yoo ta'edha. Kanas jechuun ragaan yeroo qoranna yakka funaanaman haaldureewwan gubaatti ibsam an kanneen kan guuttatan yoo ta'e himanni Abbaa Alangaa bu'uura gaariirratti kan hundaa'e ta'uusaa hubachuun ni danda'ama.

Ragaan funaaname mana murtiitti fudhatama haala itti dhabu

Gochi seeraan alaa yeroo qorannaan geggeeffamu raawwatamu itti gaafatamummaa hordofsiisuutti dabalaan ragaaleen haala kanaan argaman bifa kamiiniyyuu dhimmicha ibsuudhaaf humna (gahumsa) qabaatanillee mana murtii biratti fudhatamummaa hin qaban. Sirni ragaan fudhatama dhabe akka kufaa ta'an taasisu ragaan seeraan ala funaanaman hundisaanii himatamaa balleessaa (yakkamaa) gochuudhaaf mana murtii dhiyaatanii fudhatama argachuu akka hin qabne sirna merteessudha.

Gama biraatiin immoo poolisiin yeroo qoranna yakkaa raawwatutti gochoota seeraan alaa raawwateef seera yakkaafi harirootiin itti gaafatamaa ta'uusaatti dablatee ragaaleen toofaa kanaan (gocha seeraan alaatiin) funaane hundi kufaa akka ta'u sirna godhudha. Ragaaleen gocha seeraan alaatiin funaanaman sababni kufaa ta'aniif: himannaan dhiyaatu raga dhugaarratti qofa akka hundeeffamu gochuudhaaf

, gocha seeraan alaa poolisiin raawwatu ittisuudhaaf, fedhii bilisa shakkamaatiin (himatamaatiin) qofa ragaa argameen dhimmicha mirkaneessuun akka danda'amuufi haalli ragaan ittiin argamu qabus kallattii kanaan qofa akka ta'u qabaatu wabummaa kennudhaaf. Kun kanaan osoo jiruu gochoota seeraan alaa poolisiidhaan raawwatamaniifi ragaalee haala kanaan funaanaman ilaachisee "yaadama" bif a lamatu jira. Isaanis: Poolisiin gocha seeraan alaatiin yeroo ragaa argatutti, ragaan kun yakka raawwatame kan mirkaneessu ykn kan dhugoomsu yemmuu ta'etti ragaan kun fudhatama argatee, poolisiin gocha seeraan alaa raawwate garuu yakkaan, seera harirootiiniif naamusaa gaafatamu qaba kan jedhudha. Ragaan argame hanga kamyuu yakkicha kan mirkaneessu ta'ullee kan argame gocha seeraan alaatiin yoo ta'e ragaan sun fudhatama dhabee ykn kufaa ta'ee shakkamaan bilisaan gadi lakkifamu qaba kan jedhudha.

Beektonni yaadama isa 2^{ffaa} tarkaanfachiisan qajeeloo jecha muka summaa'e jedhu kan hordofan yoo ta'u, bu'uura yaadama kanaatiin mukni tokko yoo summaa'e firiinsaa hundumtuu ni summaa'a." jedhu yoo ta'u, haala wal fakaatuun ragaan argame gocha seeraan alaatiin yoo ta'e mana murtiitti fudhatama argachuu hin qabu jedhu.

Gama biraatiin Manni Murtii Waliigala Federaalaa jecha amantaa himatamaan dirqiidhaan kennerratti Abbootiin seeraa iddo lamatti qoodamanii yaadasaanii kenu. Gareen Abbootii Seeraa tokko jichi dirqidhaan argamuusaa agarsiisuu kan qabu himatamaadha. Himatamaan jecha kenne dirqidhaan kennusaa hubachiisuu dandeeyan jechicha kufaa ta'u qaba. Himatamaan kana gochuu yoo dadhabe jechichi dhugaa jiru ni mirkaneessa taanaan fudhatamuu qaba kan jedhan yoo ta'u, gareen inni bira immoo qajeeltoon muka summaa'ee fudhatamuu qaba kan jedhanidha. Kanas jechuun jechichi dhugaa jiru mirkaneesses, dhiises, bu'uura seeraatiin ala kan argame waan ta'eef fudhatamuu hin qabuu yaada jedhu kan qabanidha. Heerri Mootummaa federaalaa kew. 19/5nis jechuma kana kan cimsu fakkaata.

Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaaf Qoranno Seeraa Oromiyaatiin Moojuulii Leenjii Hojiirraa Yeroo Gabaabaaf Ifaa Dirribaaf Ifaa Qan'aatiin Guraandhala bara 2009 qophaa'erraa Addunyaa Hayiluutiin fudhatamee kan dhiyaate

Tapha ijoolleee Daallee Sadiitti

Ijoolleen qaama hawaasaafi miseensota maatii tokkoo keessaa tokkodha. Sirna Gadaa Oromoo keessattis sadarkaalee Gadaa jedhamuu sirnichi hawaasa qoodee gahee hojii akkaataa umriifi dandeettii namni qabuun qoodee sadarkaalee Gadaa keessa hulluuqsisuun sadarkaa tokkorraa gara sadarkaa itti aanuutti ceesisuun gahee siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa irraa eegamu akka bahan taasisa. Kutaalee hawaasaa keessaas ijoolleen tokko yoo ta'an akka Gadaa Oromootti sadarkaalee Gadaa Oromoo keessaas umrii 9-16 gidduutti kanneen argaman Gaammee xixiqqaadha.

Taphni ijoolleee aadaafi duudhaa ummata Oromoo keessaas tokko kan ta'eefi afoola Oromoo kan afaniin darbaa dabarsaan bifaa taphaafi bashannanaan dhalootaa dhalootatti darbaa dhufedha.

Ijoolleen sadarkaa umrii 8-16 gidduu jiran maatiisaanii waliin hojiwwan sasalphaa kanneen akka beeyladoota manaa baasanii ykn dallaa yaasanii bobbaasuun tiksuum marga eeguufi bishaan obaasuu akkasumas bineensota bosonaarraa eeguudha.

Hariiroo ijoolleen waliin qaban

Ijoolleen sadarkaa umrii Dabballummaa kanatti hojii walfakkaataa akkaataa walitti dhiyeenya jirenya maatiisaaniin dirree dheedicha beeyladoota naannoosaanii jirurratti waliin beeylada bobbaasuuf rakkoo isaan mudatu waliin furatu. Wayita horii tiksuum bahanis gala ykn waan bakka tika horiitti nyaatan waliin sooratu. Miidhaa bineensota bosonaan beeladootarra gahus waliin qolatu. Yoo walitti bu'anis dafanii dhiifama waliif godhu. Haaloo qabachuufi walmiidhuun ijoolleee biratti hin mul'atu/hin calaqqisu. Wal dhabbiifi wal miidhuu caalaa wal jaal'achuu, waliif yaaduufi wal tumsuutu umrii ijoollummaatti ijoolleee gidduutti mul'ata. Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Daallee Sadiittis namni oolmaafi haala hariiroo ijoolleee ilaale kanuma hubata.

Walitti dhufeenya ijoolleefi barnoota idileen duraa

Barnoonni argamuun kan danda'u karaa lamaan yoo ta'u, inni duraa waan naannoofi jiruufi maatii ofirraa himamsa afaaaniin kan baratamuufi dhalootaa dhalootatti kan darbu yoo ta'u, inni 2^{faan} mana barumsaa seenanii barachuun barnoota idileen argamudha.

Barnoonni afoolaan argamu ykn himamsa afaaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa dhufe barnoota ammayyaa har'aatiif bu'uura jedhama. Keessumaa ummata Oromoo biratti naannoofi maatiirraa bifaa afoolaan kan argamudha.

Qabeentaan barnoota idileen duraa kunis dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu ijoolleee sadarkaa Dabballummaa (umrii 8-16) gidduu jiru kan cimsudha. Afoolli Oromoo gosoota addaa addaa kan qabu yoo ta'u, qabeentaasaaniitiin uumama naannootti argamu, namoota, bineensota bosonaa, beeladootaafi kkf kan barsiisudha. Caalmaatti immoo walitti dhufeenya uumamni waliin qabu kan agarsiisudha.

Barnoota idileen duraa ykn afoolaan kennamu barsiisonni jiran haadha, abbaa, miseensota maatii, hawaasa ollaafi kanneen biroon qooda fudhatoota argamanidha. Barnoonni kunis barnoota haala salphaa ta'een bifaa taphaatiin bashannansiisaa, barsiifaman kanneen maatiisaaniirraa baratan bakka taphaafi mana maatiisaaniitti qabatamaa gochuuf shaakalanidha. Akka aanichaatti tapha

ijoollee taphataman keessaa muraasnii:- Hiibboo, hibboon teentee ykn teetee, Binoo Bineensa, Shan Bobbaatee, Huummoomaal baattee dabarte? Haaduufi qarabaa kanneen jedhaman tapha ijoolleee tapahatamanidha.

Gosoota tapha ijoolleee kanas akkaataa itti tapahatamaniifi yeroo inni tapahatamu tokko tokkoon yoo ilaalamu akkaataa itti aanutti dhiyaateera.

Hiibboo

Hibboon gosoota afoola Oromoo keessaas tokko ta'ee amala mataasaa kan qabuufi akkaataa itti taphatamu kan mataasaa qaba. Amala hiibboon qabu keessaas akkaataa itti taphatamu ykn hiibbifamu, yeroon kan murtaa'e, dabaree dabareedhaan ijoollota lama gidduutti kan taphatamuufi dhaggeeffattoota qabaachuu taphoota biroorraa kan ittiin adda bahudha.

Yeroo Hiibboon itti taphatamu

Akka aadaa Oromoo naannichaatti hiibboon kan taphatamu galchaa horii booda erga miseensonnii maatii hundi hojii idileesaanii xumuranii gara manaatti dacha'anii boodadha. Yeroo kanarrea eegalees hanga nyaanni irbaataa gahutti gosa afoolaa ijooleedhaan taphatamudha.

Hiibboon tapha ijoolleee lama gidduutti dhiyaatu ta'ee, gaafataafi gaafatamaa akkasumas dhaggeeffattoota kan qabudha. Gaheen dhaggeeffattootaa wayita Hiibboon hiibbifatamu naamusa qabu gonfatee geggeeffamuusaafi yoo namusni taphichaa cabe tooratti deebisuu gahee kan qabanidha. Fakkeenyaaaf wayita hiibboon taphatamu yoo ilaalamu:-

Gaafataa-Hibboo

Gaafatamaa-Hib/hiph

Gaafataa-Gabaabeen gabaa hin ooltu

Gaafatamaa-Deebiisaa quellubbiidha.

Hibboo-Hib

Wajjin nyaannaa maaf huqqattee

Deebii-Fal'aana

Haala kanaan itti fufee taphatamuun gaafataafi gaafatamaa bira dogoggorri gaaffifi deebii yoo jiraate dhaggeeffattooni miseensa maatii sirreessaa deemu.

Hiibboon Teentee/teetee

Hiibboon teenteen kan ijoolleen sadarkaa dabballummaarr jiran akka beekan taasifamudha. Gosti afoolaa kun akka barnoota idileen duraatti ijoolleen maatiisaaniifi ollaasaaniirraa kan baratanidha. Firoottan maatiisaanii ta'an fageenyaafi dhiyeenyarra jiraatan abbaa manaafi haadha manaan adda baasanii qorataniin adda baafatu. Baay'ina maatii kanneenii dhiiraafi dhalaa adda baafatu.

Taphni ijoolleee hiibboon teenteen amala addaa taphoota ijoolleen taphatan qabu keessaa yoo deebiin hiibboon teenteen gaafataan dhiyaatee gaafatamaan yoo deebii sirrii deebisuu baatee gatii kaffalchiisu qaba. Gatii inni kaffalu arrabsamuudha. Hiibboon teetee keessatti sababni gaafatamaan arrabsamuuf waan deebii sirrii deebisuu dadhabeefi. Fakkeenyaaaf gaafataan hiibboon teetee akkana jedhu dhiyeessu.

Gaafataa-Hibboon teetee

Gaafatamaa-Teenteen

Abbaa manaa-teenteen

Haadha manaa-teenteen

Dibichaan-teenteen

Dibichaan-teentee

Raadaan-teenteen

Raadaan : teenteen kan akkasii mana eenyuu akka ta'e barbaaddadhu jedha. Gaafatamaan mana abbaa abaluuti jedhee deebisee yoo deebii inni deebisee hiibboon teentee gaafatameef deebii kan hin taane ta'e "siririqi! Haaduu qara lamaarraa siqi! jechuun akka deebii sirrii hin taane arrabsuu kanaan akekkachiisa. Gaafatamaan maatii nama bira lammeessoo maqa dha'ee yoo deebii sirrii hiibboon teenteen hiibbifamee sirriidha jedha. Dhaggeeffattoota maatiitiinis deebii sirrii ta'uu mirkanaa'ee bira darbama.

Gama biraan immoo gaafatamaan hibboon teenteen deddeebi'ee deebii deebisuu yoo dadhabe "Bassaa dhugi" jechuun gara gaafataatti deebisa. Bassaa dhugi jechuun gaafataan deebii gaafatamaan deebisuu dadhabe akka debisuuf. Kanumarraa ka'uun gaafataan deebii kennuuf jecha bassaa dhugee quuferra ka'uudhaan akkas jechuun arrabsuu eegala.

Situu bassee natuu dhuga

Ati baqsituudha

Ani kakaksituudha

Gamakoo Xaaxessaan dhaabe

Gama kee Xaaxessaan dhaabe

Kankee gubatee bade

Kan koo lolee qabate

Gamakoo jabbiitu burraaqa

Gamakee Waangootu burraaqa

Mana duuba kaadhu

Bofa diimaa nyaadhu

Handaqirra ciisi

Albaatii gadhiisi

Hundee jijinbilaa

Hundeen keenya fira

Kana caalaa si hin arrabsu

Waraabessi dhufee si haa sallaksu jechuun xumuraratti deebiisaa hima.

Tapha ijoolleee Binoo-Bineensa

Taphni "Binoo Bineensa" jedhu kun wantoota naannoofi ijaan argaman, gurraan dhagahamanirratti hundaa'ee taphatama. Taphni ijoolleee kun ijoolleen beeyladoota manaafi bineensota bosonaa nyaatamaniifi hin nyaatamne akkasumas faayidaa isaan qabaniin adda baafatanii akka beekaniifi.

Tapha kana keessatti gaafataafi gaafatamaa kan qabu yoo ta'u, gaafatamaan gaaffifi dhiyaatuuf deebisuuuf dandeettiin caqasuu ykn dhaggeeffachuuusaa cimaa ta'u qaba. Kana malees taphicha keessatti gaafataan binoo jedhee yoo gaafatu gaafatamaan immoo bineensa jedhee deebisa. Isa booda wayita gaafatamaan bineensa jedhee deebisu gaafataan itti fufuu maalfaa jedhee gaafata. Isa booda gaafatamaan gosoota beeladootaafi bineensotaa maqaah dhahuun gaafataan gidduutti maal nyaatte wayita jedhu gaafatamaan immoo gosoota beeladoota manas ta'e bineesota bosonaa maqaah keessaa kan nyaataman maqaah *Gara fuula 2tti*

Dhiibbaafi bu'aa babal'achuu magaalotaa

Komiishiini Karooraafi Misoomaa Naanno Oromiyaa guddinni misoomaa hawaas-dinagdee ariifataafi itti fufinsa qabu akka mirkanaa'uuf jireenyi ummata naannichaa bu'uurraa akka fooyya'uuf sochii gama qorannoofi xiixala imaammataa misoomaa, hojiirra oolmaa imaammataafi tarsiimoowwan misoomaa, keessatti fayyadummaan hawaasa naanno keenyaa akka mirkanaa'uuf sochii bal'aa taasisaa jira. Baay'inni ummataa magaalota Naanno Oromiyaa keessa jiraatuu yeroodhaa gara yerootti baay'ee dabalaan akka dhufe ragaan ni agarsiisa. Guddina dinagdee naannichaa ariifachiisuu keessatti baay'inni magaalotaafi ummataa magaalaa keessa jiraatuu haala tarsiima'a ta'een dabalaan deemuurratti hojjechuun barbaachisaadha. Guddinaafi babal'ina magaalotaa oogganuu faayidaa dinagdummaa magaalota guddisuufi rakkoo isaan geessisaa deemanirratti furmaata kennaa deemuun barbaachisaadha. Magaalota jirenyi namaaf filatamoo ta'aniifi guddina dinagdee naanno keenyaa bu'ura akka ta'an taasisuunis barbaachisaadha. Akka Naanno Oromiyaatti bara 2012tti magaalota qaama seerummaa argatan lakkofsaan 712 yoo ta'an, kanneen sadarkaa Muum mee 8, Olaanaa 11, Giddugaleessa 15, Guddattuu 26, Mana Qopheessaa 220fi Mana Qopheessaa Guddattuu 420 ta'uusaanii ragaaleen ni ibsu.

Babal'achuun magaalota kan inni eegalee yeroo sababooni garaagaraa naanno wajjiin uumamuu eegalanidha. Yaadota kanneen akka hojii humnaa (warshaalee keessa galanii hojjechuuf fedhii guddaan uumamuu), yaadni daldala garaagaraa uumamuu, gurgurtaan gabaa qeenxee uumamuu, tajaajilli garaagaraa uumamuufi kfk fedhii hojjetoota ol kaasaa dhufurraa kan ka'een iddo tokkotti baay'achuun dhala namaa kan inni yeroodhaa yerootti dabalaan dhufe erga dhalli namaa yaada waliigaltee uumuu eegalerraakka ta'e ragaan ni ibsa. Fedhii dhala namaa keessa kan jiru baadiyyaa keessatti walirraa faffaca'anii jiraachurra gara magaalotaa deemanii hawaasa bal'aa keessa jiraachu fedhu.

- Guddinaafi babal'achuu magaalotaa sadarkaa addunyaatti

Babal'achuun magaalotaa yeroo jalqabaaf kan inni eegale dhaloota kiristoosiin dura (BC) bara 4300-3100 bakka Mesopotamiyya Uruk jedhamu keessattidha. Keessaayyuu jaarraa 18^{flaa} irraa eegalee hanga har'aatti babal'achuun magaalotaa ittifufee kan jiru yoo ta'u, hanga ammaatti fiixee irra gahuu barbaadamera gahee hin jiru. Magaalonni iddo baay'inni lakkofsa ummataa itti hedduummaatu, bu'uuraalee misoomaa qabu, waarshaaleen adda addaa bakka itti baay'atuufi iddo dhiyeessii adda addaa akka salphaatti argachuun danda'amudha jechuudhaan ibsa barreessaan Karter jedhamu.

Babal'achuun magaalotaa yeroo jennu adeemsaa sochii ummanni baadiyyaarrraa gara magaalotaatti taasisudha. Baroota durii osoo babal'achuun magaalotaa akka amma saffisaan dabalaan jiru kana hin ta'iin; baadiyyaan baay'ina ummataan kan guutame yoo ta'u, isaa as suutuma suutaan sababa warraaqsa babal'ina industiri Awurooppaatti eegalamen ummanni hedduun baadiyyaarrraa gara magaalotaatti godaansa namootaan taasifamuun lakkofsi baay'ina ummata magaalotaa dabalaan deemuun magaalonni akka guddatan taasisuu eegale. Babal'ina magaalotaa bara durii keessa godaansi baadiyyaarrraa gara magaalotaatti taasifameen ummanni magaalaa % 5 ture saffisaan dabalaan deemuun hanga bara 2000tti gara %47 ol guddachuu danda'eera. Bifuma walfakaatuun bara 2030tti gara % 65tti guddata jedhameetu tilmaamama.

Babal'achaa deemuun magaalotaa faayidaa inni qaburraa kan ka'eefi fedhii namootarratti kan hundaa'e waan ta'eef iddo kamitti iyyuu kan daangaffame miti. Babal'achuu magaalotaa haala kanaan itti fufuu magaalota keessatti hanqina qabeenya uumamaa akka fidaa deemuu beekamaadha.

- Guddinaafi babal'ina magaalotaa

Akka biyya keenyaa itti fufuu magaalota godaansa taasisaa ture ilaachisee bara 1994tti % 13.7 ture bara 2007tti immoo % 16.1 irra gaheera. Akka Naanno Oromiyaatti bara 1994tti % 10.5 kan ture bara 2007tti 2013tti walduraa duubaan % 12.3fi bara % 13.9 irra jiraachuu ragaan Komiishiini Karooraafi Misoomaa Dinmagdee Oromiyaa bara 2020 ni mul'isa.

Guddinaafi babal'ina magaalotaa oogganuu faayidaa dinagdummaa magaalota guddisuufi rakkoo isaan geessisaa deemanirratti furmaata kennaa deemuun barbaachisaadha. Magaalota jirenyi namaaf filatamoo ta'aniifi guddina dinagdee naanno keenyaa bu'ura akka ta'an taasisuunis barbaachisaadha. Akka Naanno Oromiyaatti bara 2012tti magaalota qaama seerummaa argatan lakkofsaan 712 yoo ta'an, kanneen sadarkaa Muum mee 8, Olaanaa 11, Giddugaleessa 15, Guddattuu 26, Mana Qopheessaa 220fi Mana Qopheessaa Guddattuu 420 ta'uusaanii ragaaleen ni ibsu.

Babal'achaa dhufuun magaalotaa faayidaas akka qabu miidhaas ni qaba. Faayidaan babal'achaa deemuun magaalotaa keessaan kanneen akka guddina maallaqaaf, babal'ina sochii daldala guddisuuf, hawwaasummaafi aadaa babal'isuuf, tajaajila qabeenya guutuu argamsiisuuf, haala jirenyi miaata uumuu, carraa gabaa fooyyessuu ykn guddisuuf, tajaajila mijataa fooyyee qabu argachuufi guddina dinagdee biyyatiif sochiin garaagaraa akka uumamu taasisuuf gahee olaanaa qaba.

Babal'achuun magaalotaa faayidaa akkuma qabu yoo sirnaan hogganamuu baate miidhaas ni qabaata. Akkuma namoonni faayidaa garaagaraa argtan jiran, sababa adda addaarrraa kan ka'e faayidaan kun hunda bira qulqullinaafi baayinaan gahuu hin danda'au. Biyyoota guddachaa jiran keessatti mul'atu jiraattonni magaalota hanqina waliin gahinsa mana jirenyaa, tajaajila geejjibaa, bishaan dhugaatii, anniisaafi tajaajila hawasummaa; rakkoo hojii dhabdummaa, faalama qulqullina Naannoofi hiyyummaa saaxilamoodha.

- Haala bishaan dhugaatii magaalota Oromiyaa

Akka Naanno Oromiyaatti yeroo ammaa babal'achuu magaalota Oromiyaa saffisaan dabalaan jira. Sababa kanaan magaalotiin naanno keenyaa rakkolee armaan olitti tarreeffamaniin ala miti. Rakkolee amma magaloota Oromiyaa mudaachaa jiru keesaa tokko hanqina bishaanii dhugaatii isa tokkodha. Lubbuu qabeeyyi kameifyuu bishaan isa murteessaafi baay'ee barbaachisa ta'edha. Bishaan malee lubbuu qabeeyyi kameiyuu jiraachuu akka hin dandeenye beekamaadha.

Dacheen kun irri jireessi ishee % 70 bishaanii kan uwifamte yoo ta'u, as keessa % 3 qofatu ittifayyadamuu oola. Bishaan qulqullinaafi gahaa ta'e fayyummaa dhala namaaf, dhugaatiif, mana keessatti fayyadamuu, nafa dhiqaachuu, moora keessa ittiqulquleessuu, biqiltuu obaasuu...kkf baayyee barbachisa.

Gama dhiyeessii bishaan dhugaatii magaalota Oromiyaa ilaachisee akkaataa istandardii bishaan dhugaatii haaraa magaalotaaf bara 2016 irraa eegalee taa'eetiin [nama tokkoof guyyaatti liitira 100, 80, 60, 40 fi 30 (duraa duubaan magaalota sad. tokkoffaa hanga shanaffaa) buufata bishaanii irraa fageenya km.0.25 irratti argatanii] jiru bara 2019tti

ummata magaalaa Naanno Oromiyaa keessa giddugaleessaan % 28 tajaajila bishaan dhugaatii qulqulluu argachaa hin jiran. Kana jechuun ummata magaalaa yeroo kanatti jiru keessa mil.1.54 kan ta'an tajaajila bishaan dhugaatii qulqulluu argachaa hin jiran jedchudha (OPEDC, 2020). Akka Naanno Oromiyaatti sababa baay'inni ummataa magaalaa saffinaa dabalaan jiruufi sochii investimentiifii bizinasii magaalota keessatti guddachaa dhufe irraa kan ka'e magaalootiin hedduun karoora dhiyeessii bishaan dhugaatiimagaalootiin qabatan hankaaka jira (Fkn magaalota Adaamaa, Sabbathaa Buraayyu).

Magaalota bishaan dhugaatii qabu jedhamanis bishaan dhugaatii dhaabbataan argataa hin jiran. Magalootiin hedduun dabareedhan torbee fi turban lama lama eeguun tajaajila bishaan dhugaatii argachaa jiru. Rakkoo kana kan hammeesaa jiran keessa tokko rakkoo raabsa bishaaniin walqabtee isa tokkodha. Raabsaa bishaniin walqabtee bishanummitti jirtu immoo loogiifi faayidaa argachuuf walqixa hawaasa qaqqabaa hin jru. Raabsaa bishaniin walqabtee bu'uuraalee dhiyeessii bishaan dhugaatii magaalota hedduu duloomaa ta'uurrat kan ka'e deddebiin addaan cituu, bishaan ujummoo cabsuun karaa irratti dhangala'uu fi suphaadhaaf immoo "spare parts" dhabamuufi suphuuf baasii guddaa gaafachaa dhufuun rakkolee bal'inaan mul'achaa jiranidha. Akkasumas maddeen bishaan dhugaatii magaalota tokko tokko immoo goguufi xiqaachaa deemuun mul'achaa jira.

Walumaagalatti, rakkolee hanqina waliin gahinsa bishaan dhugaatii qulqulluu walqabatee jiru hawaasini magaalaa rakkolee hawaasummaafi fayyaa adda addaatiif saaxilamoo ta'aa jiru. Sababa kanaan, dinagdeen magaalotaa akka quucartuu taasise jira. Kanaafuu, baay'ina ummataa magaalaa amma jiruufi yeroo gara yerootti dabalaan deema jiru waliin rakkoon bishaan dhugaatii daran hammataa deema.

- Furmaata rakkolee babal'achuu magaalota oromiyaa dhufanii

Rakkoo gama babal'achuu magaalota mudachaa jiru kanaaf ammuma irraa eegalee xiyyeffanoo guddaa itti kenuun hojiitti galuun barbaachisaadha. Rakkolee gurguuddoo gama babal'achuu magaalotaan dhufaan dursaani bira gahuufi carraalee jiran beekuu rakkoo sana dhabamsiisuuf adeemsi hordofamuu qabu keessa muraasnisaanii akkaataa armaan gadiitti tarreffamaniiru:

- Dhiyeessii bu'uuraalee misoomaa bishaanii: sarara ibsaafi bishaanii diriirsuu (Ijaarsa, Paampii, jallisuu, kuusuu, kunuunsuu akkasumas meeshaa jijaarsaaf barbaachisan qopheessuu)
 - Quranno bishaanii geggeessuufi tekinooolojii haaraa galchuu
 - Maanaajimantii raabsaa bishaan magaalotaa fooyyessuu/ IT deggeramuufi Iftoomina uumuu/
 - Hirmaanna hawaasaafi deggertoota misoomaa dhiyeessii bishaanii cimsuu
 - Ragaa bu'uura (piroofaayili)fi qoranno hawaas-dinagdee magaalotaa yeroo yeroon qorachuu
 - Hariiroo magaalota biyya alaa waliin uumuu
 - Barnootaafi hubannoo gaha ummataaf kenuu
- Komiishiini Karooraafi Misoomaa Oromiyaatti Daarektoreetii Quranno Imaammata Misoomaaatiin**



Ispoortii



GROUP A

	CÔTE D'IVOIRE
	NIGERIA
	EQUATORIAL GUINEA
	GUINEA-BISSAU

GROUP B

	EGYPT
	GHANA
	CAPE VERDE
	MOZAMBIQUE

GROUP C

	SENEGAL
	CAMEROON
	GUINEA
	THE GAMBIA

GROUP D


	ALGERIA
	BURKINA FASO
	MAURITANIA
	ANGOLA

GROUP E

	TUNISIA
	MALI
	SOUTH AFRICA
	NAMIBIA

GROUP F

	MOROCCO
	DR CONGO
	ZAMBIA
	TANZANIA



Wal dorgommii Waancaa Afriikaa 34ffaa tibbana eegaluun

Waldorgommiin Waancaa Afriikaa 34ffaa tibbana qopheessummaa Kootidivuwaariitti Mudde 4 hanga Bitooteessa 3tti adeemsifama.

Waldorgommii kanaaf biyyattiin Isteediyoomota ammayyaa 6 kan qopheessite yoo ta'u., biyooni 24 ramaddii jaha jalatti ramadamuun waliin morkatu. Taphoonni 52s ni taasifamu.

Dorgommichaaf abbootiin murftee kubbaa miillaa 72 biyyoota 34 irraa calalamuun garasitti kan imalan yoo ta'u, Itoophiyaan namoota sadiin bakka kan buufamte yoo ta'u, abaa murtummaan Baamlaak Tasamaa Wayyeessaa bara kanas filatamaniiru.

Abbootiin murtee filataman kunneen biyyoota Kaaba Afrikaarraa 25, Dhiharraa 15, Bahaa 14 Giddu Galeessaa 11 fi Kibbarraa 3 yoo ta'an, abbootiin murtee 62 dhiirota 6 ammoo dubartidha. Kanneen keessaa 26 abbaa murtee jalqabaa yoo ta'an, 30 gargaaraa abbaa murtee, 12 ammoo abbootii murtee gargaaraa Viidiyoo ykn 'VAR' dha.

Dorgommii Waancaa afriikaa 34ffaa kana tamsaassuuf miidiyaaleen fedhii agarsiisan kan bara kanaa lakkofsisaa daran kan dabale yoo ta'u, miidiyaan guddichi beekamaa Afriikaa Kibbaa ispoortiwwan garaa garaafi irra jireessaan kubbaa miilaa tamsaasuun beekamu 'DSTVn' bara kanaa miidiyaalee



biroon injifatamuun tamsaasa kallattii dorgommichaa mulqamuu danda'eera.

Waldorgommichi guutummaa addunyaarratti Antaartikaarraan kan hafe kan tams'a'u, yoo ta'u, miidiyaan biyya Qaataar 'BeIn Sport' jedhamuun beekamu biyyoota hedduu keessatti tamsaasuun sadarkaa jalqabaa argateera. Miidiyaan mootummaa Nayijeeriyaatiin ogganamu 'NTA Nayijerian Television Authority' jedhmu taphoota dorgommichaa guutuu ykn 52 kallattii tamsaassuuf dhaabbata hayyama argatedha.

Biyyoota Sahaaraan gadii jiraniifimmoo

miidiyaan biyya Toogoo 'Niw World TV' jedhamu waldorgommii bara kanaa dabalatee waggoota lamaan itti anaaniif kan taasifaman kallattiin tamsaassuuf hayyama argachuun 'DSTV' caalee argameera. Miidiyaan guddichi Afriikaa Kibbaa 'DSTV' Afriikaa kibbaa keessattuu dorgommicha kallattiin tamsaassuuf bara kana hayyama hin argatiin hafeera. Afriikaa Kibbaatti kallattiin tamsaassuuf hayyama kan ragate dhabbata 'Sabc Sport' jedhamudha.

Dorgommii Waancaa Afriikaa bara kanaa biyyoota Afriikaa Sahaaraa gadii Itoophiyaa dabalatee tamsaassuuf dhaabbileen hayyama argatan sadiidha. Isaanis 'New World Tv, Canal + fi Start Times' kanneen jedhamanidha.

Akka waliigalaatti dorgommichaa tamsaasa kallattiin dhaabbileen 56 guutummaa addunyaaf /Antaartikaa osoo hin dabalatiin/ kan tamsaasan yoo ta'u, Ingiliziraa 'Sky Sport, Poorchugaaliraa Sport Tv, Raashaa irraa Match Tv, Qaataar irra BeIn Sport akkasumas Swiidin, Fiinlaand, Noorweysi Iceland'ttimmo Via Play' kanneen dorgommicha kallattiin tamsaasanidha.

Waancaa Afriikaa 33ffaa kan injifatte Seenegaal bara kanas qopheessituu dorgommichaa Kootidivuwaariifi Moorookoo dursuun biyya shaampiyoonummaaf tilmaama olaanaa argattedha.